

“Daandii nageenyaan ala abjuun aangoo qabachuu kamuu hinmilkaa’u”

- *Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)*

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Daandii nageenyaatiin ala wixxirfannaan shira adda addaatiin aangoo qabachuuf taasifamu kamuu kan hinmilkoofne ta’uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyyi Kamisa darbe wayita gaaffii Miseensota Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataarraa dhiyaateefiif deebiifi ibsa kennanitti, walitti bu’iinsa dhaala ta’ee dhaloota har’aa sakaalaa jiru mootummaan mariin goolabuuf har’as karrisaa banaa ta’uu qofa osoo hintaane kutataa ta’uu himanii; mariifi marabbaan ala wixxirfannaan shiraan aangoo qabachuuf taasifamu kamuu abjuu ta’uu hubachiisaniiru.

Walittibu’iinsi dhibee barootaa daawwaa dhabe biyyaafi dhaloota rakkoo hamaaf saaxilaa jiru ta’uu kaasanii; dhalootni har’aa isa kaleessaarraa barachuun hafee waan ta’uufi hintaaneef obbolaan walajjeesuun salphataa jiraachuu ibsaniiru.

Gara fuula 4tti



Kaffaltiii Qofaaf Miti ...




Bajanni Itoophiyaa bara 2017 qarshii biliyoona 971.2 ta’uun ragga’e

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Manni Maree Bakka Bu’oota Ummataa bajata biyyattii kan bara 2017 qarshii biliyoona 971.2 sagalee guutuun raggaasise.

Bajata kana ilaalchisee mana marichaaf yaada murtii kan dhiyeessan walittiqabaan Koree Dhaabbii Dhimoota Faayinaansii, Bajataafi Karooraa Obbo Dassaalanyi Wadaajeeti. Akka isaan jedhanitti, bajatichi kan bara darberra qarshii biliyoona 170n caalmaa

Gara fuula 14tti



“Cimanii hojjetanii gargaaramtummaa jalaa bahanii jiraachuun kabaja guddaadha”

- *Paastar Zarihuun Dagguu*

fuula 14

“Misoomni kooridarii injifannoo hunda keenyaati”

- *Minstira Muummee Abiyyi Ahmad(PhD)*

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Misoomni Koridarii Finfinnee injifannoo hundaa ta’uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan. Ministirri Muummeen kana kan ibsan yaa’ii idilee 36^{ffaa} Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa dheengadda adeemsifamerratti.

Doktar Abiyyi akka jedhanitti, misoomni koridarii Finfinneetti hojjetamaa jiru injifannoo Itoophiyaanota hundaafi milkaa’ina onnachiisaa misooma fuulduraaf ka’umsa ta’uudha.

Gaafa pirojektichi eegalame akka muuxannoof ta’utti kantiibota magaalota

Gara fuula 14tti



Milkaa’inoota hundeeffama Shaggar duuba jiran

fuula 2

Milkaa’ina marii biyyaalessaatiif hunduu qoodasaa ba’achuu qaba

fuula 4

ODUU

“Malaammaltummaan akka mootummaatti raawwatamu hinjiru”

- *Ministira Muumme Abiyi Ahmad (PhD)*

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Malaammaltummaan akka mootummaatti raawwatame Itoophiyaa keessa akka hin jirre Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyi Yaa'ii Idilee 36^{ffaa} Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti gaaffiilee miseensota Mana Mareerra isaanii ka'ee wayita deebii kennanitti, sadarkaa hoggansa dhuunfaatti ta'uu mala garuu akka mootummaatti malaammaltummaan raawwatamu akka hinjirre hubachiisaniiru.

Malaammaltummaan akka hoggansa dhuunfaatti raawwatamu jiraachuu mala, sanas shakkiin hoggansa shakkaman sakatta'uun ololarra kan darbe ragaa qabatamaan akka hin jirre himanii; ta'us namoota dhuunfaanis haa ta'uu, sadarkaa garaagaraatti gochaafi ilaalchi malaammaltummaa gufuu guddina biyyaa ta'uu jala sararaniiru.

Mootummaan qabeenya biyyaa misoomaaf oolchaa jiraachuun walqabatee

qaamoleen tokko tokko madda galii misooma gaggeeffamaa jiruurratti shakkiin guutamaniin mootummaa shakkanis qabatamaan misooma malee malaammaltummaa mootummaa wanti ibsu hin jiru jedhaniiru.

Malaammaltummaan gama siyaasaafi diinagdeen ilaalamuu danda'a. Ta'us malaammaltummaa isa raawwatuufis ta'ee dhalootaaf gaarummaa hinqabu. Malaammaltummaan Itoophiyaa keessatti gaggeeffamaa jiru kontirobaandiin daldala warqii (sookoo) irratti gaggeeffamu, galii dhoksuu, galii daldala alergiifi alaa galuu waliindha'anii dhoksuun walqabatee dandeettii raawwachiisummaa mootummaa danqa. Isaanis gochaalee malaammaltummaan sadarkaa nama dhuunfaatti raawwatamaa jeruudha jedhaniiru.

Namootni dhuunfaan yoon galii argadhu dhokse biyya hinmiidhu jechuun barsiisfata aadmalee horachuun dhiibbaa galii biyyaarratti uumaa jiru. Dallaalonna guddistuu callaa biyya keessa gale dhoksuufi



gara biyya biraatti dabarsuun qonnaan bulaa bira akka hingenye taasisuuf yaalii guddaan gaggeeffamaa tureera. Kanaaf, irratti qabsaa'uun dhaabuu qabna jedhaniiru.

Lammiileen waan argachuu qaban argatanii mootummaanis waan argachuu qabu akka argatuuf aadaa, hojimaataafi seerri malaammaltummaa dhaabu akka jiraatu taasisuuf fooyyessi labsii sassaabbii gibiraa ba'eera. Kana galmaan ga'uufis rifoormii eegaleefi hojiin dhaabbilee ammayyeessuu

cimee ittifufa jedhaniiru.

Qabeenya maddisaa hinbeekamin namootni muraasni biliyoonaan sochoosan hordofuun maddi galiisaanii akka beekamuuf seerri ittiin hordofamu mana mariichaan ba'uun barbaachisaa ta'uu himanii; yuutuubarootaan doolara biyyatti ergamu hambisuuf jechuun waci dhaga'amus seerri manni marichaa baasu namoota nagaa kan miidhu osoo hintaane kanneen rakkoo qaban seeraan to'achuuf kan gargaaruudha jedhaniiru.

Milkaa'inoota hundeeffama Shaggar duuba jiran

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Hundeeffamni Shaggar ormatu hubatee gulantaa maratti goolii kaasa malee Oromoon sirriitti waan hubate hinfakkaatu. Shaggar wayita magaalota xixiqqaan bulaa ture osoo Oromoof bu'aa argamsiiseera ta'ee lafti Oromoo hinsaamamu; qonnaan bulaan Oromoos qe'eesarraa hinbuqqifamu ture. Roorroon saamicha lafaafi buqqaatiin eenyummaa samii tuqee dho'uu fincila diddaa garbummaaf sababa hinta'u ture.

Dubbiin Shaggar dubbii dinagdeefi eenyummaa ta'uu kan hubate mootummaan naannoo Oromiyaa Shaggar hundeesuun saamicha lafaafi buqqaatii eenyummaatti luugama kaa'e. Ormatu egeree Shaggar hubate malee waa'een hundeeffama Shaggar Oromoo hedduu burjaajjii keessa galchee ture.

Guyyaa Shaggar ifatti hundeeffame pirezidaantiin mootummaa naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisa, "Hundeeffamni Shaggar murtoo siyaasaa olaanaadha. Taatee guyyaa har'aa ummatni Oromoo bara baraan akka yaadatuufi leellisu shakkiin hinjiru" jechuun akkuma, "Oromoon hunda hindubbatan, hundas hindhungatan jedhu" icciitii milkaa'inoota duuba jiran qalbiin bira kutan.

Kantiibaan Magaalaa Shaggar wayita tibba darbe ogeeyyii miidiyaafi artistoota Oromoo waliin mari'atanitti aarsaa kaleessa kaffalameef beenyaa akka ta'utti Shaggar mul'ata guddaa imaluu jiraachuu ibsan. Finfinneen akka malee akka bokoka garaa Shaggar nyaatee dhiita'aa turtes daangaan adaba qabsiisuun akka danda'ame dabalataan kaasanii; Shaggar magaalaa har'aafi egeree ta'uusheen Oromoo cinatti warra kaanis aadaa Oromootiin simachuuf hojimaata



haaraan tarkaanfataa jiraachuushee ibsaniiru. Akka isaan jedhanitti, guddinaafi qabeenya uumamaa qabduun Shaggar Finfinnee daran kan caaltuufi guddinaan biyya Singaapoor kan gittuudha. Saamicha lafaafi hojimaata badaa guddina magaalattii qancarsan maqsuuf teknoloojii bulchiinsa lafaa daran ammayyawaa sadarkuma biyyaattuu hinjirretu hojiirra oolaa jira.

Shaggar ummata miliyoona 3.2 kan qabduufi bal'ina lafaa hektaara kuma 160.8 ol irratti kutaalee magaalaa 12fi aanaalee 36 akkasumas gandoota baadiyyaa 41 hammachuun kan hundooftedha. Magaalaan kun wayita godina addaa turtetti ijaarsi seeraan alaafi saamichi garmalee dagaaguutti dabalee dhimmi eenyummaa dhawataan liqimfamaa ture.

Hojiin bulchiinsi haaraan magaalatti tokko jedhee eegale ijaarsa seeraan alaa ittisuufi dhabamsiisuu ta'uu eeranii; haaluma kanaan ijaarsa seeraan alaa dhabamsiisuun lafa seeraan ala qabame gara baankii lafaatti deebisu ibsaniiru. Ittaansuun lafa baankii lafaatti galfame kaan investimantiif, kaan ammoo hojii gara fuulduraaf qusatamee akka jirus dubbataniiru.

Magaalaan kun potenshaala qonnaa qabduun

Gara fuula 4tti

Milkaa'ina marii biyyaalessaatiif hunduu qoodasaa ba'achuu qaba

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Nageenya Itoophiyaa waressuuf tarkaanfiin humnaa hinfudhatamne hinjiru. Rakkoon biyyattii garuu guyyaadhaa gara guyyaatti guddachaafi walxaxaa dhaloota har'aa bira ga'eera.

Doktar Abiyi Kamisa darbe wayita gaaffiilee miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarraa dhiyaateefiif deebii kennan, walitti bu'iinsi dhaala biyyattii barootaa ta'ee, sirnaafi dhaloota har'aas akka malee qoraa jiraachuu dubbatan.

Walitti bu'iinsi rakkoo hamaafi sakaallaa guddina dinagdee ta'uu ibsanii; har'as taanaan namootni jibbaan machaa'anii ummata walitti buusuun biyya diiguuf halkanii guyyaa hojjechaa jiran jiraachuu hubachiisaniiru. Walitti bu'iinsa gaaga'amni hawaasummaafi dinagdee uumamu hamaa ta'uu taatee baroota darbaniirraa barachuun hunduu mariif akka of qopheessu himaniiru.

Jibbaafi waldhiibuun ammaan tana qormaata biyyattii ta'e kun bakka tokkotti dhaabbatee mariin goolabamuu baannaan egeree hamaa dhaloota dhaalchisuuf dirqamna kan jedhan Doktor Abiyi, mootummaan nageenyi waaraan akka bu'uuf Komishinii Marii Biyyaalessaa hundeesuu cinatti dirqama irraa eegamu hunda ba'achaa jiraachuu himaniiru.

Abbootiin Amantaafi Haadhooliin Siinqee Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa yaada kennanis, biyya badhaateefi namni hundi walkabajaafi jaalalaan keessa jiraatu uumuuf milkaa'ina marii biyyaalessaaf qoodasaanii ba'achuuf qophii ta'uu ibsaniiru.

Gara fuula 4tti



Hajii Naasir Abdellaa



Haadha Siinqee Qamariyaa Ahimad



Haadha Siinqee Kabaa Bayyanaa

Ijoo Dubbii

Yaadama haaraa nageenya waaraaf

Mootummaan Itoophiyaan nageenya waaraa mirkaneessuuf tattaaffii cimaa taasisaa jira. Rakkooleen nageenyaafi siyaasaa kamuu mariifi marabbaan akka furamaniif tattaaffii cimaa taasisaa jira. Mariin biyyaaleessa adeemsifamuuf jirus tattaaffii nageenya waaraa mirkaneessuuf taasifamaa jiruudha.

Qaamoleen qabsoo hidhannoo filannoo taasifatani bosona jiranis waamicha nageenya mootummaan yeroowwan gara garaatti taasisaafii jiru fudhatanii gara miira tasgabbiitiin gara mariitti dhufuu qabu. Rakkoon mariin furuun nageenya waareessuudha. Kana dhugoomsuuf yaadama moofaa keessaa ba'uun dhimma filannoo hinqabneedha.

Anatu caalaan, kan koo qofatu sirriidhaan, mariitti amanuu dhiisuun, qabsoo hidhannootiin aangoo qabachuuf yaaduufi mootummaa fonqolchuuf yaaduun yaadama moofaa yeroo ammaa fudhatama hinqabneedha. Yeoo addunyaan qe'ee tokko ta'aa jirtutti akka gandaafi sanyummaatti yaaduun yaadama haaraa waliin hindeemu. Yeroo ammaa kan ta'uu qabu akka biyyaatti, ardiifi addunyaatti yaadani hojjechuudha.

Rakkoon nageenya misoomaafi dinagdee biyyaa duubatti harkisuurra darbee jiruufi jireenya hawaasaatti gufuu ta'uun namni kamuu bakka barbaadetti socho'ee akka hinhajenne taasisaa jira. Humna guutuun hojjechuu dhabuun ammoo omishaafi omishummaarratti dhiibbaa uumuun rakkoo qaala'ina jireenya hammeessaa jira.

Qaamni ummataafan dhaabadda jedhu kamuu nageenyaafi sochii ummataatti gufuu ta'uu hinqabu. Ummanni kan barbaadu nageenya. Nageenya ummanni barbaadu mirkaneessuuf ammoo rakkoon mootummaafi qaamolee hidhatanii socho'an gidduu jiru mariin furamu qaba.

Mootummaan murnoota hidhatanii socho'an waliin marii adeemsiisuun bakkawwan hundatti nageenyi waaraan akka dhugoomu gochuun yeroo gara garaa waamicha taasisaafi tureera, jiras. Qaamoleen hidhatanii socho'an waamicha mariifi nageenya kana qalbii buleen xiinxalanii nageenya ummataafi biyyaaf jecha gara mariitti dhufuu qabu.

Murnoonni qabsoo hidhannoo filannoosani taasifatan miira tasgabii qabuun mariif of qopheessuu qabu. Qaamoleen kunneen gara mariitti dhufuun nageenya waaraa mirkaneessu keessatti gahee irra eegamu bahachuu akka qaban Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad marii paarlaamaa dheengaddaarratti hubachiisaniiru.

Sagaleen rasaasaa dhaga'uun haadhaabbatu. Qalbii tasgabba'een nageenyaafi misooma waaraaf hojjechuu qabna. Yaadama moggaatti ba'e dhiifnee nageenyaafi misooma waloofo hojjechuun dhugoomuu nageenyaatiif murteessaadha. Mootummaan walitti bu'iinsaafi rakkoo nageenya kamuu karaa nagaafi mariitiin furuuf qophiidha.

Itoophiyaatti waraanaan fonqolcha mootummaa geggeessanii aangoo qabachuuf yaaluun hindanda'amu, hinmilkaa'us. Aangoo qabachuun kan danda'amu karaa nagaan qabsaa'anii filannoo biyyaaleessaarratti hirmaachuun sagalee ummataa argameen qofa. Jaarraa 21ffaa keessa bakki siyaasaa mana maree, mariifi falmiidha.

Mootummaan murnoota hidhatanii socho'an hunda waliin mari'achuuf yoomiyyuu qophiidha. Rakkoon nageenya keessumaa Naannolee Oromiyaafi Amaaraa keessatti mul'achaa jirus mariidhaan furamu qaba. Murnoonni hidhatanii naannolee lamaan keessa socho'an qalbii buleen gara mariitti akka dhufaniif Ministirri Muummee Doktor Abiyi ammas waamicha dhiyeessaniiru; yaadanni haaraan nageenya waaraaf wabii waan ta'eef.

Kanaaf murnoonni hidhatanii socho'aa jiran kamuu waamicha irra deddeebiin dhiyaachaa jiruuf fudhatanii ummatas ta'e biyya aara galfachiisuu qabu.

Yaada/Ajandaa



Ergaawwan Ministira Muummee keessaa

Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa walga'ii idilee 36ffaa bara hojii 3ffaa bara Paarlaamaa 6ffaa bakka Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) argamanitti dheengadda adeemsifateera.

Nutis ergaawwan Ministirri Muummee Abiyi yaa'icharratti dabarsan keessaa kanneen ijoo ta'anirratti xiyyeeffachuun haala ittaanuun gaggabaabsinee dhiyeessineerra.

Waantota Itoophiyaaf barbaachisan jahan

- Rakkoolee jiran mariidhaan furuu.
- Biqiltuu dhaabuutti dabalee dhaabbilee Itoophiyaa fayyadan dhaabuun biyya ceesisuu.
- Yaadamaafi akkaataa jireenya keenya haala yeroo waliin haareessuu.
- Gibira dabalatee galiwwan faayidaa ummataaf oolan walitti qabuu.
- Yaada hamaa, sanyummaafi gandummaarraa adda bahuufi
- Humna ittisa cimaa haala yeroo baraar qopheessuu, kanaaf ammoo walutubuun biyya cimsuu.

Rakkina jiru mariifi marabbaan furuu

Ajandaawwan waliddaa akaakayyuufi abbootiin keenya nu dhaalchisaniin waliddaa, walittibu'aa, walwaraanaa jiraachuu hindandeenyu. Nageenya waareessuuf ajandaawwan darbaniin walittibu'uufi walwaraanuu dhaabnee rakkina jiru mariifi marabbaan furuun nurraa eegama.

Karra galaanaa

Itoophiyaan sadarkaa guddina dinagdee galmeessaa jirtuun karra galaanaa argachuu qofa barbaaddi. Kanas qaama kamuu osoo hinmiine fayyadamummaa waloo bu'uureffannee mari'achuun, dhugoomsuun ni danda'ama.

Nageenya Naannoo Oromiyafi Amaaraa

Nageenya Naannoo Oromiyafi Amaaraa ilaalchisuun qaamolee hidhatanii naannolee lameen socho'an karaa nagaatti akka deebi'aniif tattaaffiiwwan olaanaan hanga jaarsummaa itti erguutti mootummaan yaalii taasiseera. Ammas mootummaan akkuma yeroo kamii mariif qophiidha

Mootummaan nageenyaaf dursa kennuun gara bal'inaan fageenya dheeraa imaleera. Itoophiyaa keessaatti walitti bu'iinsaafi waraanaan aangoo qabachuun gonkumaa hindanda'amu.

Hanni gufuufi salphina

Hanni gufuufi salphina. Akka mootummaatti hanni raawwatame hinjiru. Kana qaamni kamuu sakatta'uufi qulqulleessuu danda'a. Ummata Itoophiyaa hinhannu, waan dandeenyuun misoomsuuf hojjechaa jirra. Hanni farra guddina Itoophiyaa ta'uu qaamni kamuu sirnaan hubachuu qaba. Pirojektota misoomaa hojjetamaa jiranirratti hanga danda'ame

hordoffiin taasifamaa jira. Seerri kana dura ture hattootarratti tarkaanfii fudhachuuf rakkisaa ture.

Maallaqni alatti baqachiisnu hinjiru

Warra misoomni hojjetamaa jiru maallaqa eessaa dhufeen jettaniif mootummaan maallaqa argatu hunda misoomarra oolchaa jira. Maallaqni nuti gara biyya alaatti baqachiifnu hinjiru. Waan argannu hundaan biyya keenya misoomsaa jirra. Kun hojii galateeffamuu qabudha.

Siyaasa hirmaachisaa

Dhaabbileen siyaasaa morkattootaa Itoophiyaa keessatti aadaa siyaasaa hirmaachisaa uumaa jedhanii gaafataa turan. Mootummaanis aadaa siyaasaa hirmaachisaa dhugoomsuu eegaleera. Waliinis hojjetaa jira. Kun biyyattiif haaraadha, bu'aa jijjiiramichaatisi.

Haa ta'u malee yemmuu mootummaan dhaabbilee siyaasaa morkattootaa ofitti qabee waliin hojjetu qaamoleen kaleessa aadaa siyaasaa hirmaachisaa uumaa jedhanii mootummaa gaafataa turan jalqabbii kana jajjabeessuu dhiisanii deebisanii mormu.

Bakka bu'oota dhaabbilee morkattootaa mootummaa waliin biyyasaaniif hojjetanis akka diinaatti ilaaluun, deebisanii kan ummataaf qabsaa'u, kan ummataaf quuqamu nu qofa jedhanii yaadu. Haala kanaan aadaa siyaasaa hirmaachisaa Itoophiyaa keessatti dhugoomsuu hindandeenyu. Yoo garaagartummaan siyaasaa jiraates dhimma biyyaafi ummataarratti waliin hojjechuun aadeffatamuu qaba. Waraanaaraa gara mariifi marabbaatti fuulleffachuun murteessaadha.

Qormaata ilaalcha dullooma

Biyyi keenya Itoophiyaan dameewwan garaan milkaa'ina olaanaa galmeessisaa jiraattus sababa ilaalcha dulloomaatiin imalli biyyattiin eegalte qoramaa, maqaanshees karaa hinmalleen ka'aa jira. Yaadama dullooma maqsuu dadhabanii qaamoleen yaadama haaraa gufachiisuuf wixxirfataniis jiru. Kanneen ajandaa sabaatiin rakkoo uuman, mootummaa himatan jiru. Haala kanaan misoomaafi nageenya ittifufsiisuu hindandeenyu. Waraana dhaabnee nageenya waareessuuf yaadama dullooma maqsinee yaadama haaraan bakka buusuun nurraa eegama.

Ittisa koleeraa

Sadarkaa biyyaaleessaattii weeraraa dhibee koleeraa ittisuuf talaalliin miiliyoona 10 kennameera. Weerara dhibee gifiraa ittisuuf aanaalee 58tti talaalliin akka kennameefi busaa ittisuufis saaphanni siree raabsameera. Keessumaa dhiyeessii qorichaatiin walqabatee qorichoota duraan alaa galan kan biyyaa keessaatiin bakka buusuun fayyadama omishaa qorichaa biyyaa keessa %36tti guddisuun danda'ameera.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

“Namoota miliyoona 3.8 oliif carraan hojii uumame keessaa harki caalu carraa hojii biyya keessaati”

- Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Barana namoota miliyoona 3.8 ol carraa hojii uumame keessaa miliyoona 3.4 carraa hojii biyya keessatti uumame ta'uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyyi Kamisa darbe yaa'ii Idilee 36ffaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti gaaffilee miseensota Mana Marichaaf wayita deebii kennanitti, barana carraa hojii namoota miliyoona 3.8 oliif uumame keessaa, carraan hojii miliyoona 3.4 ta'uu biyya keessatti uumame. Carraan hojii kun kanaa ol ta'us gabaasa dhiyaaterra dhibbantaa 17 ta'uu dhiisuun miliyoona 3.8 qofa dhiyeessuun danda'ameera. Gama biraan bara darbe carraan hojii biyya alaa seera qabeessi namoota kuma 100tti dhiyaataniif uumame, barana ol guddisuun namoota kuma 332 ta'aniif carraan hojii biyya alaa uumameera.

Namootni carraan hojii biyya alaa mijateef kunneen qarshii hangamiifi eessatti akka qacaraman qixa sirriin kan adda ba'an ta'uu himanii; cimsanii irratti hojjennaan lakkoofsi kun ol ka'uu akka danda'u hubachiisaniiru. Ta'us karaa seeraan alaa dallaallaan kan deemanis akka jiran qeeqaniiru.



Sagantaa bakka tokko taa'uun bakka birootti hojjetan yookiin sagantaa 'startup' kan kana dura biyyi Hindii ittiin beekamuufi kaffaltii gaarii qabu Itoophiyaa keessatti eegalamuu ibsanii; sagantichaan haala nama ajaa'ibsiisuun namoota kuma 60f carraan hojii uumamuu eeraniiru.

Hojii kana filatamaa kan taasisu maatii bira taa'uun karaa teknoloojii hojjechuu

qofa osoo hin taane kaffaltii gaarii qaba. Guyyaa guyyaa boqochuun halkan halkan hojjechuun ni danda'ama.

Mootummaan dhimmi carraa hojii dhimma murteessaa ta'uu amanee carraa hojii uumuu sadarkaa ministeeraatti hundeessuu yaadachiisani; carraan hojii bara kana uumames daran kan nama boonsuufi cimee ittifufudha jedhan.

“Daandii nageenyaan ala abjuun aangoo...”

Jijjiiramaa as guddummaafi maqaa gaarii Itoophiyaa ol kaasuu hojii hojjetameen kadhaa qamadii keessaa ba'uu qofa osoo hintaane wayita jijjiirama rogawwan maraa keessa jiramu kanatti taatee xixiqqoon jijjiirama mul'ate cilee dibuuf yaalan bal'inaan calaqqisaa jiraachuu eeraniiru.

Ammaan tana abbootiin gowwootni tokko tokko humna qabaniifi hinqabne fayyadamuun mootummaa fonqolchani aangoo qabachuuf wixxirfachaa jiraachuu eeranii; ta'us rifoormii jabaan waan hojjetameefi seerri dhaabbatummaa waan lafa qabateef kanaan booda fonqolchi mootummaa akka hin milkoofne hubachuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Ummatni Oromoos ta'e Amaaraa jijjiirama har'argameef gumaata guddaa

waan qabuuf mootummaa jijjiiramaa waliin jiraachuu hirmaannaa hojjelee misoomaafi nageenyaan ragaadha jedhanii; ta'us Shaneefi Finxaaleyyiin ilaalcha moggaatti ba'e qaban rakkoo uumaa jiraachuun dhimma hinhaalanne ta'uu hubachiisaniiru.

Shaneen ilaalcha Oromiyaan alatti naannolee biraa moggeessu qabatee, Finxaaleyyiin kaan moggeessuun ilaalcha “Itoophiyaan dhaala abboota keenyaati” qabatanii osoodhuma isaanif milkaa'ee aangoo qabataniyyuu yoo biyya walnyaachisan malee biyyi bulchan akka hinjirre Doktor Abiyyi cimsanii ibsaniiru.

Olala “Bosona seeni”fi “Bosonatu si waama” jedhuun dargaggoota hojjetanii ofis biyyas jijjiiruu danda'an dogoggorsanii bosonatti oofuu ibsanii;

“Namatu galmikoo mooraa kiiloo 4 jedhee daandii gadhiisee bosona gale malee jijjiiramni hunda waameera” jedhaniiru.

Mootummaan walddhabii naannolee Amaaraafi Oromiyaatti mudatan mariin furuuf Shaneefi Finxaaleyyii waliin carraaqii hedduu taasisuu yaadachiisani; lolli Itoophiyaa kaabaa osoo hinmudatinis, walddhabii ‘TPLF’ waliin ture mariin furuuf yaaliiwwan hedduun taasifamuu dubbataniiru.

Hundaa ol, walddhabii dhaalaan dhufetti guduunfaa gochuuf mariin biyyaalessaa walabaafi hunda hirmaachise akka taasifamu komishinii hundeessuun kutannoo nageenyaaf qabu mul'isuus himaniiru.

Milkaa'ina marii biyyaalessaatiif ...

Hajii Naasir Abdallaa miscensa Koree Raawwachiiftuu Majiliisaa Magaalaa Shaggar yommuu ta'an, akka qajeelfama amantaa Islaamaattis ta'ee aadaa Oromootti mariin bakka guddaa qabaachuu cinatti mootota duriirraa haala adda ta'een gaggeessaa mariif dursa kennu argachuun Itoophiyaaf carraa guddaafi abdi nageenyaa ta'uu dubbatu.

Biyya rakkoo hamaa keessa jirtu kana mariin ceesisuu baannaan eenyummaa, amantaa, siyaasaafi ilaalchaa qofaan kufuu osoo hin taane kufaatiin waloo mudachuu mala. Isaanis akka abbaa amantaafi jaarraa biyyaatti bakka deeman hundatti

ambaasaaddara nageenyaa ta'uun ummatni gara mariitti akka dhufu hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Oromoon ummata aadaa marii gabbataa qabuufi lubbuu tasa badeyyuu sirna gumaan araarsudha. Gaaddisa mukaa jalatti qabxiileen walddhabii erga dhiyaatee booda abbootii gadaafi jaarsolii biyyaa bitaafi mirga dubbii ilaalani kan miidheefi miidhame garaarraa walii dhiisani akka walitti araaraman taasifama kan jedhan ammoo Haadha Siinqee Qamariyaa Ahimadi. Aadaan kun gabbatee Ormaafis bifa fakkeenya ta'uun milkaa'ina marii biyyaalessaa keessatti shoora haala

gumaachurratti hojjetaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Haati Siinqee Kabaa Bayyanaa gamasaaniin akka jedhanitti, biyya hundaaf ta'uu ijaaaruuf marii dursuun filannoo hundaa ta'uu qaba. Marii keessatti mo'ataafi mo'atamaan hin jiru, caalaattuu garaa bal'achuun dubbii hanbisuun waan egereellee bareechatu.

Keessattuu Oromoon diina walgodhachuu, haaloo walitti qabachuufi maqaa walballeessuu keessaa ba'uu qaba. Mariin ala carraaqiin biroo badiisaafi kufaati fida. Isaanis akka Haadha Siinqeetti gamanumaan nama walddhabee walitti araarsuurratti hojjetaa jiru.

Misooma jallisiifi omishni kilaastaraa qaala'iinsa gatii tasgabbeessaa jiru

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Inisheetiivootni qonnaa waggoota jijjiiramaa kanatti hojiirra oolan omishtummaa dabaluudhaan diinagdee utubaa jiraachuu haasaa Kamisa darbe Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti taasisaniin kan ibsan Doktor Abiyyi, keessattuu babal'inni misooma jallisiin omishni qamadii, kuduraafi muduraa, sagantaa Maaddii Guutuufi Inisheetiiviin Omisha Dammaa qaala'iinsa gatii hir'isaa jiraachuu dubbataniiru.

Akka ibsasaaniitti; hirkattummaa omisha rooba qofarratti ture hambisuudhaaf xiyyeeffannoon misooma jallisiif kenname bu'aalee damee qonnaatiin galmaa'aa jiraniif utubaadha. Bu'aa waggootan muraasa kana keessatti damee jallisii kanarraa argamerra ka'uudhaan bara ittaanuuf paampootni bishaanii jallisiif oolan kuma 40 ta'an bitamanii gara biyyaatti galaniiru.

Gama omisha dammaatiin yommuu ilaalamus waggootan jijjiiramaa kana keessatti, hojii hojjatameen omisha dammaa harka torbaan dabaluun kan danda'ame ta'uu yaadachiisani; hojii gama galteewwan qonnaa keessattuu xaa'oorratti ture fooyyessuuf hojii hojjatameenis bu'aan gariin argameera.

Yeroo ammaa kana xaa'oon kuntaala miiliyoona 17 ta'uu biyya keessa galuudhaan qonnaan bultootaaf hirmaa jiraachuu eeranii; bittaa irraa kaasee hanga raabsaatti hojmaata qulqulluu diriirsuudhaan gufuuwwan kanaan dura muudachaa turan furuun danda'amu dubbataniiru.

Gama omisha qamadiitiin omishtummaasaa dabalu qofaa osoo hin taane, sanyii filatamaa biyya keessatti omishuudhaaf hojii hojjatameen sanyii filatamaa dhibbantaa 70 biyya keessatti omishuun danda'amee jira. Biyyattiin gama midhaan nyaataatiin akka of dandeessuuf hojiin omishtummaa qonnaa kana dabalu xiyyeeffannoo addaatiin hojjatamaa jira.

Hojidhabdummaa xiqqeessuuf hojii hojjatameen bara kana dameewwan garaa garaatiin lammiilee miiliyoona 3.4 ta'aniif carraa hojii uumuun danda'amu kan kaasan Doktor Abiy; kana keessattis dameen qonnaa shoora olaanaa bahachuu hubachiisaniiru.

Damee qonnaatiin bara ittaanu guddinni dhibbantaa 6.2 ta'uu akka galmaa'us raagameera.

Milkaa'inoota...

Finfinneef madda dhiyeessii ta'uutti dabalee dhaabbilee faayinaansi ulaagaa idil addunyaa guutaniifi guddina dinagdee biyyattii si'eessan of jalatti hammatteerti. Bakkeewwan buufata daldalaa, industirii, qonna ammayyaafi bashannanaa qaroomina jaarraa ammaa madaalan adda ba'aniiru.

Wabiin midhaan nyaataa, dagaaginni kalaqaa, kalaqa hojii uumuufi guddinni dijitaalaa elektirooniksii xiyyeeffannoo adda magalaatti ta'uu kan himan Doktor Tashoomaan; wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf qonnaan bultoota hammatee makaanaayizeeshinii qonnaa babal'isuun omishaafi omishtummaa kan dabalamu taasifama jedhaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Waxabajjii 29 Bara 2016

Jallisii Gidaaboo:
Pirojektii dargaggoota hojii
barbaachaaf gara magaalotaatti
godaanaa turan qe'eetti
deebisaa jiru

fuula **10**



**“Shawaa Bahaatti
makaanaayzeeshiniin qonnaa
% 85n waan guddateef
qonnaan bultoonni 400 ol
invastarummaatti ce’an”**

- Obbo Masfin Tashoomaa

fuula **6**



**“Kaayyoon keenya inni
guddaan yunivarsitoota
babal'isuu utuu hintaane
qulqullina barnootaa
mirkaneessuudha”**

- Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad

fuula **8**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Shawaa Bahaatti makaanaayzeeshiniin qonnaa % 85n waan guddateef qonnaan bultoonni 400 ol invastarummaatti ce’an”

- Obbo Masfin Tashoomaa

Waasihun Takileetiin

Oromoon erga warraaqsa siyaasaa olaantummaafi wareegama qaaliin injifatee as kallattii qabsoosaa gara dinagdeetti jijjiiruun inisheetiivwan misooma adda addaa babal’isuun wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra darbee qamadii alaa eeguurrara gara erguutti ce’era. Injifannoon kun seenaa waggoota afurii as galmaa’e ta’uu eenyumaafuu ifaadha.

Kanaafis bu’uura kan buuse kutannaa siyaasaa mootummaan jijjiiramaa hiyyummaa seenaa gochuun biyya badhaate dhaloota egereef olkaa’uuf qabatee ka’e ta’uun ifa.

Kallattii warraaqsa dinagdee mootummaan qabatee ka’e milkeessuuf godinaalee kutannaafi cichoominaan hojjechuun fakkeenya gaarii ta’an keessaa godinni Shawaa Bahaa isa tokko.

Godinni Shawaa Bahaa jijjiiramaa as gama warraaqsa dinagdeen maalirra jira? isa jedhuuf Gaazexaan Bariisaas ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa Godinichaa Obbo Masfin Tashoomaa waliin gaafdeebii kan taasise yoo ta’u, innis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Jijjiirama dura haguuggiin ittifayyadama makaanaayzeeshinii qonnaa akka Godina Shawaa Bahaatti jiru maal fakkaata?

Obbo Masfin: Dhugaa dubbachuuf jijjiirama dura haguuggiin ittifayyadama makaanaayzeeshinii qonnaa ammayyaa dhibbantaa 45 hincaalu ture.

Kanarraa kan ka’e qonnaan bulaan mala qonnaa duubatti hafaan biyyoo dhiibaa dhamaatee guddaaf saaxilamuurra darbee fayyadamummaansaas gadaanaa ture.

Omisha humna guddaa baasee dhama’ee argatu kanas gatii madaalawaan akka hingurguranne taasifamuun alkallattiin faayidaa faddaaltotaafi daldaloota seeraan alaaaf hojjetaa; qabeenyasaas saamamaa tureera jechuun danda’ama.

Bariisaa: Jijjiiramaa as ittifayyadamni makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa godina keessanii maal fakkaata?

Obbo Masfin: Jijjiiramaa as keessumaa tarsiimoofi warraaqsi dinagdee mootummaan qabatee hojiitti seene qonnaan bulaa keenya sirriitti jijjiireera jechuun danda’ama.

Dur sangaadhaan qotanii hangam argatanis eeggattummaa wabii midhaan nyaataatiif saaxilamaa kan turan alaa eeguurrara gara alatti erguutti akka jijjiiraman kan taasisedha.

Kanaafimmoo ittifayyadamni makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa keenyaa dachaan dabaluu sababa isa ijoodha jechuun nidanda’ama. Jijjiiramaa as ittifayyadamni makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa dachaan dabaluu gara dhibbantaa 85tti guddateera.

Mala qonna duubatti hafaatiin biyyee dhiibuun hafee ooyruun qonnaan bulaa raayyaawwan misoomaafi kombaayinaraa ammayyaatti fayyadamuun callaansaani dachaan akka dabaluu taasiseera.



Stuurri: Gababoo Gabreetiin

“

Mootummaan ittifayyadama makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa yoo babal’isu qonnaan bulaan immoo ijaarama kilaastaraatiin gurmaa’ee hojjechuun abbaa dilbii ta’ee wabii midhaan nyaataatiin ofdanda’ee alergii keessatti akka hirmaatu ta’eera

Duula qonnaafi sassaabbii omishaa makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa tiraaktaraafi kombaayinaraan gaggeeffamaa ture gaafa foddaa televizhiniin ilaalan urjii fakkaachuurra kan ka’e namoonni daran ajaa’ibsiifachaa turaniiru.

Kun dhugaa addababa’iitti mul’ate, dheebuun misooma lammilee ittiin mirkanaa’aa jiru, tulluun hiyyummaafi eeggattummaan itti diigame, warraaqsa dinagdee naannoorraa ka’ee sadarkaa biyyaatti darbees sadarkaa Afrikaatti fakkeenyummaan kan ka’u ta’eera.

Bariisaa: Omishaafi omishtummaa dachaan dabaluu hojiirra oolmaan makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa babal’achuun gaariidha. Haata’uutii qonnaan bulaan tiraaktara ykn kombaayinara bitatee akka fayyadamuuf malli dhahame jiraa? Akka rakkoo maallaqaatiin duubatti hinhafneef mala akkamiitu dhahame?

Obbo Masfin: Gaaffii sirriidha. Dhugaa dubbachuuf akka tiraaktaraafi kombaayinara bitataniif mallaqani isaan rakkisuu danda’a. Haata’uutii garuu kallattii mootummaan jijjiiramaa kaa’een %30 qusatani isa hafe ammoo deemsaan hojjetanii akka kaffalaniif haala mijeesseera.

Kanarraa kan ka’e ittifayyadamni teknolojii qonnaa keenya ammayyaa’aa jira, omishaafi omishtummaan dachaan dabalaa jira.

Bariisaa: Omishaafi omishtummaan argamaa jiru wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, gabaa tasgabbeessuufi sharafa alaa argamsiisuurratti bu’aa

akkamii buuseera jettu?

Obbo Masfin: Dhugaa dubbachuuf warraaqsi dinagdee keenya dachaan dabalaa deemuurraa kan ka’e eeggattummaan qamadii alaa galuu akka hafu ta’eera.

Kutannaan hojjechuun omishaafi omishtummaa dachaan dabaluu keessattis wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra darbamee gabaa tasgabbeessuu keessattis shoora olaanaa taphateera.

Gama sharafa alaa argamsiisuunis fudhannee yoo ilaalle omishoonni gara garaa gabaa alergiif dhiyaatanii galii guddaa argamsiisaniiru. Achi keessatti qoodni godina Shawaa Bahaa olaanaadha.

Bariisaa: Jijjiirama dura qonnaan bulaan mala qonnaa duubatti hafaan biyyee dhiibee omisha muraasa argatullee caalaatti kan fayyadamu daldalootaafi faddaaltota seeraan alaa darbees abbootii qabeenyaa qofa. Shirri kun amma hafeeraa?

Obbo Masfin: Dhugaa dubbachuuf warraaqsi qabsoo dinagdee akka godina keenyaatti jiru faayidaa qonnaan bulaa kan giddugaleeffate akka ta’uuf kutannoo mootummaan jijjiiramaa argamsiiseefi bu’aan galmaa’aa jiru ibsitusaati jechuun nidanda’ama.

Mootummaan ittifayyadama makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa yoo babal’isu qonnaan bulaan immoo ijaarama kilaastaraatiin gurmaa’ee hojjechuun abbaa dilbii ta’ee wabii midhaan nyaataatiin ofdanda’ee alergii keessatti akka hirmaatu ta’eera.

Kun injifannoo guddaa faayidaa qonnaan bulaa keenyaa kabachiise, omishoonni callaasaanii gabaa addunyaaf akka dhiyeffatan gidduseentummaan faddaaltotaafi abbootii qabeenyaa muraasaa akka dhaabatu kan taasiseedha.

Bariisaa: Akka Godina Shawaa Bahaatti qonnaan bulaa hammamtu gara invastimantiitti ce’e? Yeroo baay’ee invastaroonni misooma gara garaarratti hirmaatan lammilee alaa waan ta’aniif.

Obbo Masfin: Akka godina keenyaatti qonnaan bulaan omishaa duwwaa akka hintaane invastimantiitti akka ce’aniif tattaaffii taasifameen qonnaan bultoonni 435 ol gara invastimantiitti ce’uun misoomaalee gara garaa keessatti qooda fudhataniiru, ammas kanaa ol hirmaachisuuf kutannaan hojjetamaa jira.

Bariisaa: Faayidaa qonnaan bulaa kabachiisuuf alergii keessatti hirmaachisuun jajjabeessaa ta’us biyya keessatti gatii madaalawaan akka gurgurataniiif; kana malees gidduseentummaan faddaaltotaafi daldaloota seeraan alaa akka addaan cituuf malli ta’e yoo jiraate?

Obbo Masfin: Kilaastaraan ijaaramuun qonnaan bulaa omishaafi omishtummaasaa dachaan akka dabaluu, ittifayyadamaa makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa akka ta’u taasisuurra darbee gidduseentummaa daldaloota seeraan alaa kutuun gatii madaalawaan omishasaa akka gurguratu haalli mijataan uumameera.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Shawaa Bahaatti makaanaayzeeshiniin qonnaa % 85n waan...”

Saamichi gama kanaan omisha qonnaan bulaarratti jijjiirama dura qaqqabaa ture cabee bittoonniifi omishtonni kallattiin walarguun gatii madaalawaan akka walargan ta'eera.

Keessumaa ijaaramni kilaastaraa babal'achuun saamichi akka hafu, qonnaan bultoonni omishasaanii kallattiifi gatii madaalawaan yuuniyeeniif akka dhiyeessan waan ta'eef saamichiifi shirri gatii omishaa gadi buusuu kanamalees omisha dhoksanii gaba jeejessuu alseerotaan qaqqabaa ture akka hir'atu taasiseera.

Bariisaa: Gama gaba tasgabbeessuufi inisheetiivwan gara garaa kanneen akka horsiisa lukkuufi buuphaan walqabatee bu'aan galmaa'aa jiru maal fakkaata?

Obbo Masfin: Gabaa tasgabbeessuun walqabatee misoomni qamadii bu'aa guddaa buuseera. Keessumaa rakkoo hongee akka biyyaatti numudatee ture tasgabbeessuu keessatti shooru guddaa taphateera.

Dabalataan misooma bu'aa lukkuu buuphaan walqabatee akka godinaatti hojii hojjetameen jijjiiramni guddaa argameera kanarraa kan ka'e gatiin buuphaa qarshii 15 ture gara qarshii torbaatti gadi bu'eera.

Har'a buuphaan dachaan omishamaa jira, qonnaan bulaan bitee nyaachuu keessaa bahee mana manasaatti horsiisuun of danda'aa jira. Gabaan jeejahaa tures tasgabba'eera. Kun ammas cimtee ittifufa.

Bariisaa: Horsiiisni lukkuu sadarkaa godinaarraa hanga gandaafi manaa manaatti babal'achuun gaarii ta'us nyaatasaaniin walqabatee rakkoon jiraachuu himamaatii kun hammam dhugaadha?

Obbo Masfin: Xiyyeffannoon horsiisa lukkuuf kenname adda waan ta'eef misoomnisaaniis dachaan dabalaa jira. Kanamalees gatiin buuphaa gadi bu'uun gabaan akka tasgabba'uuf hojii cimaafi bu'aqabeessi hojjetameera.

Haata'u garuu lakkoofsaan dachaan dabalaa jiraachuusaaniirraa kan ka'e fedhiin nyaata lukkuu olka'uun; kana malees hanqinni mudachuufi gatiin nyaata lukkuu dabaluu sirriidha. Hudhaa gama nyaatasaaniin walqabatee jiruufi qaala'uu gatii nyaata lukkuu bifa ittifuruun danda'amurratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Akka godina keessaniitti inisheetiivwan mootummaan diriirse marti haalaan hojiirra oolaniiruu?

Obbo Masfin: Inisheetiivwan mootummaan diriirse marti haalaan hojiirra oolaa jiru. Qonnaan bultoonni keenyas irraa fayyadamaa jiru.

Akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle inisheetiivwan haala gaariidhaan milkaa'aa jiran keessaa misooma qamadiin alatti horsiisa lukkuu, buuphaa, qurxummii, horsiisa horii aannanii, avokaadoo, muuzii paappaayaa, sangaa gabbisuu, misooma dammaafi kkf qe'eesaaniitti misoomsuun ilmaansaaniif nyaata madaalawaa kennuun ofirra darbanii gabaafillee oolchaa jiru.

Sochiin kun akka Godina Shawaa Bahaatti bu'aa guddaa buusaa kan jiru waan ta'eef tarsiimoon inisheetiivwan gara garaa babal'isuufi mooraa ofii keessatti waa hunda omishuu fayyadamuu cimaa jira.

Bariisaa: Qonnaan bultoonni horsiisa qurxummiin walqabatee qe'ee ofiitti akkamiin misoomsaa jiru? Bakka haroon,

lagni hinjirretti bu'aqabeessa isaan taasisaa?

Obbo Masfin: Haala kanaan dura hinbaratamneen qe'ee ofii keessatti poondii bishaanii ammayyaa qopheessuun misoomni qurxummii nyaata maatiif ooluu danda'urra darbee gabaafillee oolaa jira. Kana qabatamaan qe'ee qonnaan bulaatti argaa waan jirruuf daran kan nama jajjabeessuudha.

Bariisaa: Misooma dammaatiin walqabatee waggaa afur duraafi booda kana hojii hojjetamaa tureefi bu'aasaa akkamiin madaaltu?

Obbo Masfin: Misooma dammaan walqabatee waggaa afur dura kan hojjetamee walitti cuunfameefi keessumaa kan bara kanaa qofa faana osoo walmadaalchisne walhingitu.

Barana qofa akka godinaatti gaagura ammayyaa kuma 10 ol waliingeenyerra. Misoomni dammaa keenyas dachaan dabalaa jira. Kun fuuldurattis cimtee ittifufa.

Bariisaa: Bu'aa gama misooma horii aannaniitiin galmaa'aa jiru hoo akkamiin ibsiti?

Obbo Masfin: Horii aannanii sanyiinsaani 'AI' jedhamuufi aannan gahaa kennan kuma 70n geenyerra. Kun ammas cimtee ittifufaa jira. Haaluma kanaan dura hinbaratamneen misoomni aannanii dachaan dabalaa deemuunsaa ilmaan keenya nyaata madaalawaa akka argataniif haaldureewwan mijataa jiraniifi bu'aan irraa argamaa jiruudha.

Bariisaa: Gara misooma booyeettan isin deebisa. Misooma booyeetiin walqabatee hubannaan hawaasa keessa jiru lafaadha. Kana malees hagas mara hinbaratamne. Akka godina keessaniitti sochii gama kanaan jiru akkamiin ibsiti mee?

Obbo Masfin: Misooma booyeetiin walqabatee ilaalchi jiru gaarii hinturre. Haata'u garuu hojii hubannoo uumuu hojjetaa jirruun horsiisni booyee dachaan dabalaa jira. Qonnaan bulaan, hojjetaan mootummaafi dargaggoonni misooma booyee kanarratti bobba'uun galii argataa jiru. Yeroo ammaattis namoonni dhuunfaa booyee hanga 200fi isaa ol qaban jiru.

Bariisaa: Rakkoo ilaalchaa tureen fedhiin booyee nyaataaf oolchuu gadi bu'aa akka ture rakkoon walitti hidhaminsa gabaallee akka ture himama. Akka godinichaatti ilaalchi gama kanaan jiru maal fakkaata? Walitti hidhaminsa gaba uumuuf hoo furmaanni kaa'ame jiraa?

Obbo Masfin: Rakkoon ilaalchaa tureera. Kunis hubannaa dhabuurraa kan ka'e yoo ta'u, hojii hubannoo uumuu karaa hojjetoota misoomaa hojjetameen jijjiiramni guddaa argamuusaatiin fedhiin horsiisa booyee dachaan dabaleera. Dhimma walitti hidhaminsa gabaatiin walqabatee komiin jiru dhugaa ta'us kunis rakkoo ilaalchaatiin kan walqabatu ture.

Haata'u garuu akka hoggansaatti hudhaa kana furuuf dhaabbileen gara garaa keessumaa kanneen hojiilee misoomaarratti bobbahan waliin marii taasisuun rakkoon kun akka furamu taasifamaa jira. Garuu gahaa waan hintaaneeff ammas irratti hojjetamaa jira. Walitti hidhaminsa gabaan alatti nyaatasaaniin walqabatees qaala'aa waan ta'eef kanaafis xiyyeffannoon irratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Omishaafi omishtumman keenya



Misooma booyeetiin walqabatee ilaalchi jiru gaarii hinturre. Haata'u garuu hojii hubannoo uumuu hojjetaa jirruun horsiisni booyee dachaan dabalaa jira

dachaan akka dabaluuuf hojiirra oolmaa makanaayzeeshinii qonnaan alatti haala qilleensa naannawaa mijataa taasisuun isa birooti. Qophaa'umman misooma ashaaraa magariisaaf akka godinaatti jiru maal fakkaata?

Obbo Masfin: Qilleensa naannawaa waaltessuufis ta'e omishaafi omishtummaa dachaan dabaluuuf makanaayzeeshinii qonna ammayyaa babal'isu cinatti misoomni ashaaraa magariisaa isa ijoodha.

Gama kanaan barana akka godina keenyaatti biqiltuun miliyoona 278ol qophaa'eera. Biqiltuu dhaabbiif qophaahe kana keessaa miliyooni 26 ol nyaataaf kan oolan kanneen

akka avokaadoo, paappaayaa, maangoo, zayituunaafi kkf kan hammatudha.

Bariisaa: Haala kanaan dura hinbaratamneen biqiltuun addaa dhaabbiif qophaa'e jiraa?

Obbo Masfin: Dhugaa dubbachuuf biqiltuun addaa barana bifa haaraatiin dhaabamu yoo jiraate teemiriidha. Teemirri biyya keenyatti kan baratame miti. Haata'utii dachee cirracharratti misoomnee biyyoota Arabaatti milkaa'ina guddaan kan beekamu biyyee mijataa biyya keenyaa osoo argate akkam misooma laata mul'atni jedhu nukeessa bulee biqiltuusaa kumaatama ashaaraa magariisaa bara kanaa keessatti hammachiisneerra.

Kanamalees ijaarsaaleefi meeshaalee mana keessaafi faaya gara garaaf kan oolu leemmanis akka dhaabamuuf biqilaan gahaa ta'e qopaa'eera. Walumaagalatti duula ashaaraa magariisaa baranaaf qophaa'ummaa cimaan kan jiru yoo ta'u, kan adda isa taasisu yoo jiraate biqilaan kanaan dura biyya keenyatti hinbaratamne hammatamuusaaniiti.

Bariisaa: Misoomni leemmanaa haala qilleensa naannawaa kan giddugaleeffateedhaa? Akaakuuwwan gara garaa waan qabuuf maaltu yaadame?

Obbo Masfin: Misooma leemmanaan walqabatee akaakuuwwan gara garaa kan jiran yoo ta'u, kan baddaa, badda dareefi gammoojjii adda ba'uun qophaa'aniiru.

Misoomni kun akka biyyaattillee osoo babal'atee meeshaaleefi faayawwan adda adda irraa hojjechuun galii argamsiisuu waan danda'uuf akka Godina Shawaa Bahaatti xiyyeffannoon addaa kan kennameefidha.

Gara fuula 15tti

Ilaamee...



“Kaayyoon keenya inni guddaan yunivarsitoota babal’isuu utuu hintaane qulqullina barnootaa mirkaneessuudha”

- Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad

Natsaannat Taaddasaatiin

Manni Marii Bakka Bu’oota Ummataa walga’ii idilee 36ffaa dheengadda taa’een dhimmoota adda addaarratti Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiif gaaffii dhiyeessuun ibsi akka irratti kennamu taasiseera. Ministirri Muummee Doktor Abiyyi gaaffilee miseensonni mana marichaa dhiyeessaniif deebiifi ibsa bal’aa kennaniiru. Barreeffamni kun gaaffiifi deebii dhimma fayyaafi barnootaarratti xiyyeeffata.

Gaaffii damee barnootaan walqabatee ka’e

Cabiinsa barnootaa biyya keenyaa suphuuf kallattiin barnootaa (roodmaappiin) diriiree hojiirra oolaa jira. Haata’u malee hanqina galteewwan barnootaa kanneen akka kitaabotaa akkasumas dandeettiifi naamuusa barsiisotaa akkasumas naannolee tokko tokkotti mindaa barsiisotaa yeroon kaffaluu dhabuufi bajatni mana barnootaaf ramadamu sirnaan gad bu’uu dhabuun ni mul’ata. Mootummaan rakkoolee gama kanaan mul’atan furuuf maal hojjechaa jira?

Deebii Ministirri Muummee gama barnootaatiin kennan

Hojiilee sadarkaa barnootaa oolmaa daa’immanii irratti hojjechaa jiruun har’a bu’asaa arguu baannus oolee bulee hojiilee keenyatti abdiin kan horuufi sadarkaa jiranitti dorgomaa akka ta’an kan isaan taasisuudha.

Waggoota darban keessa manneen barnootaa oolmaa daa’immanii kuma 30 ol ijaaramaniiru. Kun injifannoo guddaadha. Rakkoo qulqullina barnootaa furuuf bu’uura (oolmaa daa’immanii) irraa kaanee irratti hojjechuu qabna.

Kanaafuu ijaarsa manneen barnootaas oolmaa daa’immanii irraa ka’uun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa ijaaraa deemuu qabna. Barattoonni sababa hanqina nyaataatiin barnoota irraa akka hinhanneef ammoo sagantaan nyaata barattootaa manneen barnootaa keessatti bal’inaan kennamaa jira.

Manni barnootaa qarodhabeeyyii bultii Finfinneetti ijaarames qulqullinaan manneen barnootaa Ameerikaa dabalatee yunivarsitootni biyyattii ittiin dorgoman hinjiran. Dhiphinni keenya barattoonni mana barumsichaatti baratan gara yunivarsitoota biyyattii gara garaa wayita deeman haala mijataa akkasii akkamitti argachuu danda’u kan jedhuudha. Mana barumsichaa kutaalee barnootaa, dubbisaafi bultii sadarkaasaanii eeggatan qaba. Manni



barumsichaa haala qarodhabeeyyii mijataa ta’een ijaarama. Manneen barnootaa akkasii babal’achuu qabu.

Barana qarshii miiliyoona 45 baasii taasisuudhaan kitaabota barnootaa hedduu maxxansinee galchineerra. Kitaaboni hafanis maxxanfamuuf adeemsarra jiru.

Jijjiiramni kun erga dhufee as yunivarsitii tokkoyyuu bakka kamittiyuu ijaarree hinbeeknu. Yunivarsitii ijaaruura bu’uura irraa kaana jennee oolmaa daa’immanii ijaaruurratti xiyyeeffannee hojjechaa jirra. Kana yoo jennu bajata yunivarsitii irraa hir’ifnee hojjechaa jirra jechuu miti.

Yeroo jijjiiramni kun dhufe waggaa shan dura yunivarsitootaaf bajatni ramadamu qarshii biiliyoona 40 yoo ta’u, har’a garuu yunivarsitootaaf bajata qarshii biiliyoona 60tu ramadamaa jira. Kaayyoon keenya inni guddaan yunivarsitoota haaraa dabalataa ijaaru utuu hintaane qulqullina barnootaa yunivarsitootatti kennamuu mirkaneessuudha.

Yeroo ammaa yunivarsitoonni tokko tokko pirojektota hanga 10-15 hojjechaa jiran qabu. Yunivarsitoota kanneen keessaa tokko Yunivarsitii Arbaa Minci. Yunivarsitiiin kun hospitaala guddaa akka Itoophiyaatti isa jalqabaa jedhamuu danda’u gidduu kana ni eebbisa. Kaayyoon keenya bajata yunivarsitootaaf kennamu hir’isuu utuu hintaane qulqullina irratti akka xiyyeeffatan taasisuudha. Yunivarsitoota

baay’isuurra qulqullinasaanii mirkaneessuurratti xiyyeeffannee hojjechaa jirra. Yunivarsitoota baay’isuurra manneen barnootaa bultii addaafi BLTO babal’isuutu faayidaa qaba.

Utubaawwan Itoophiyaa Itoophiyaa jechisiisan murteessoo ta’an keessaa sadii maqaa eeruun yoo barbaachise qonnaan bultoota, raayyaa waraanaafi barsiisota. Jijjiirama ammaa kanaan qonnaan bultootaaf xaa’oo, paampiifi galteewwan qonnaa biroo dhiyeessuufiin kilaastaraan akka qotu taasisuudhaan jireenyisaa yeroo gara yerootti jijjiirama agarsiisaa jira.

Waraanniifi barsiisotni garuu Itoophiyaaf dhiigasaanii kennuudhaan ala haala hanga ammaatti jiruun waan ga’aa ta’e argatanii hinbeekan. Waraanniifi barsiisonni eenyuun olitti lubbuu, yeroo, beekumsaafi humnasaanii utuu kennanii kaffaltii gahaa argachaa hinjiran. Barsiisonniifi beela’aa utuu barsiisuu baataniin akka biyyaatti ittifufuu hindandeenyu turre. Jireenya barsiisotaafi waraanaa jijjiiruudhaaf mootummaan tarkaanfiiwwan gara garaa ni fudhata.

Rakkoon mindaa barsiisotaa kaffaluu dhabuun walqabatee mudate manneen maree naannolee qoratani sirreessuu qabu. Rakkoon kun riiformii siivil sarvisitiin ilaalamee furamuu qaba. Rakkoon kun akka hinbabal’anneef mootummaan federaalaas deggersa taasisuuf yaalii taasiseera. Manneen maree naannoo bajatasaniin wayita raggaasisan dhimma kana

sirriitti ilaaluu qabu.

Gaaffii damee fayyaatiin walqabatee dhiyaate

Mootummaan bu’uuraalee misooma fayyaa babal’isuufi galteewwan fayyaa dhiyeessaa jiraachuunsaa gama kanaan bu’aa gaariin yeroo gara yerootti galmaa’aa jira. Haata’u malee naannawa horsiisee bulaafi qonnaan bultootaatti barana weerarri dhibee adda addaa keessumaa dhibee busaa, gifraafi kanneen biroon yeroo gara yerootti dabalaa dhufuun lubbuu namootaarratti miidhaa qaqqabsiisaa jira. Rakkoo dhiyeessaafi qaala’insa gatii qorichaa hawaasa baasii olaanaadhaaf saaxilaa waan jiruuf komiin ka’aa jira. Hojiilee mootummaan rakkoolee gama kanaan jiran furuuf furuuf hojjechaa jirurratti ibsi utuu itti kennamee?

Deebii Ministirri Muummee damee fayyaarratti kennan

Dhimmi fayyaa har’as boris daran murteessaafi ittiyaaduu kan qabnuudha. Barana balaa weerara dhibee koleeraatiin qaqqabu ittisuuf talaaliwwan miliyoona 10 kennamaniiru. Weerara dhibee gifraa ittisuuf aanaalee biyyattii 58 keessatti talaalliin kennameera. Weerara dhibee busaa ittisuuf saaphanni siree baay’inaan kennameera.

Qorichoota biyya alaarraa binnee galchuudhaan fedhiifi dhiyeessa qorichaa walsimsiisuu waan hindandeenyeef omisha qorichoota biyya keessatti %8 irraa gara %36tti guddifneerra. Qorichoota hanga tokko biyya alaatti erguus jalqabneerra. Omishoota qoricha biyya keessaas cimsuufi jabeessuu qabna. Itoophiyaan akaakuu mukeenii kuma ja’aa ol qabdi. Itoophiyaan qoricha aadaatiinis beekamuudha. Mukeen kunneen keessaa baay’een kan qorichummaaf oolanis hedduudha. Mukeen qorichaaf fayyadan gargaaramuudhaan fedhiifi qoricha biyya keessaa akka guutuuf tattaaffiin ni taasifna.

Ijaarsa hospitaalotaa ilaachisuun Hospitaalli Raayyaa Ittisa Biyyaa Bishooftuutti ijaaramuunsaa ni yaadatama. Torban kana Hospitaalli guddaan tokko Arbaa Mincitti ni eebbifama. Hospitaalonni dhuunfaa Finfinneetti ijaaramaa jiranis salphaa miti.

Namoonni dhukkubsatan tokko tokko hubannoo dhabuurraa kan ka’e hospitaala kamiin deemanii yaalamuu akka qaban adda baafachuuf waan rakkataniif Ministeerri Fayyaa asiratti barumsa hubannoo gabbisu kennuu qaba. Dhukkuba kamiif hospitaala kamitti yaalamuu akka qabnu adda baafnee beekuu qabna.

AADAIFI AARTII

Irreecha Tulluuratti maaliif dhiiga buusu?

Dhiigi cubbuu namaafi biyyarraa dhiqee Waaqa waliin araara buusa jedhamee amanama. Waa'ee qulqulleessuu dhiigaafi aarsaa yoo kaasnu kan waan kana raawwatu Oromoo qofa miti. Amantileen addunyaa kanarra jiran kan warra Kiristaanaa keesumaa bara kakuu moofaa cubbuun isaanii akka dhiifamuuf horii aarsaa godhanii dhiiga isaa ammoo cufaa balbalaarratti dibu ture.

Kaayyoonsaa araara gaafachuudha. Bifuma walfakkaatuun amantii warra Islaamaa birattis ni jira. Fakkeenya gaariin Ibraahim ilma isaa haala inni itti Tulluu Arafaat irratt Waaqaaf aarsaa dhiyeesse ni beekama. Kan Oromoon Tulluuratti bahee aarsaa galataa dhiyeessuufis sababa biraa hinqabu araara, dhiifamaa, abdii fuula duraa, nageenyaafi jabeenya Waaqni akka isaaf godhu gafachuuf malee. Dhiigni sun araari Waaqaafi nama, namaafi nama, namaafi lubbu qabeeyyii gidduutti nagaafi araari akka bu'u, biyyi, horiin akka naga argataniifi walhoran kadhachuuf raawwata.

Gahee dubartoonni yeroo Irreecha Tulluu qaban

Irreecha Malkaarrattis ta'e Irreecha Tulluuratti hirmaannaan dubartootaa olaanaadha. Dubartoonni okolee, gaadii, siinqee, caaccuu, calleefi huccuu aadaan faayyoomanii jila irreechaaf tulluutti imaluun bareechanii dura deemu. Waan nyaatamuufi dhugamu kan akka marqaa, qorii, daabboo, farsoo, buqqurii fuudhanii deemu. Waan dhibaayyuuf tolu kan akka aannanii okoleetti qabatu. Dhadhaa muudaa qabatanii deemu.

Fakkeenyaaf, Tulluu Cuqqaalaa irratti Siidaan Nabii dhadhaan Muudama. Achi yommuu ga'anis buna dhaabani, xaaxee xaaxessanii warra irreeffatuuf kennu. Yoo dubartoonni irratti hirmaatan malee kadhaan hinjiru. Isaantu dura deemee ofkalcha.

Tulluutis isaantu dursee ba'ee bakka bunnii itti dhaabbatu ykn danfu qopheessa. Isaantu waan nyaatamu bilcheessa. Kanaaf Sirna Gadaa keessattis, irreeffannaa keessattis dubartoonni bakka olaanaa qabu. Bakka dubartoonni hinjirre jilli hinhoofkalu jedhama. Dubartii irreecharraa dhorkuun aad-maleedha.

Irreechi qabeenya, umuriifi korniyaan adda nama hinbaasu. Hundumtuu gaafa irreechaa, waluma faana dhaabbatee kadhata, Waaqnillee ijuma tokkoon ilaala jedhamee amanama. Haati manaa abbaa mana ishee **dhaleen** xuqxi. Haati manaa abbaa mana muuddi abbaan mana hadhamanaa isaa muuda.

Eebba yeroo irreechaa eebbifamu

Oromoon gaafa malkaa irreeffachuuf deemu akkas jedhee eebbisa

Hayyee Waaq Hayyee Waaq

Waaqa Uumaa Waaqa Uumamaa

Waaqa Burqaa Walaabuu

Waaqa Caffee Tumaa

Waaqa Jahan Hora Waaqaa

Waaqa Tulluu Saddeettan Waaqaa

Waaqa Odaa Nabee

Waaqa Shanan Gadaa Oromoo

Kan nagaan nu oolchite nagaan nubulchi

Yaa ayyaana Oromtichaa nu milkeessi!

Horri kun kan hormaataa yaa ta'u,

Waatiifi maatiin nu tiksi

Kan horrerra nu bulchi

Kan dhabe haa horu

Kan hore irra haa bulu jedhanii eebbisu.

Dhiibbaa sirna gita bittaa bakka ulfoo irratti qaqqabe

Lafa Oromoon ulfoodha jedhee Waaqa isaa itti kadhatu akkamiin humna gita bittootaan miidhaan irra gahaa akka ture qorattooni baay'een barreessaniiru. Isaan keessaa tokko 'Marcus, Harold' ture.

Bifuma walfakkaatuun qorataan seenaa Dr. Birraattuu Qana'ii qorannoo isaa digirii lammaffaaf qorate keessatti dhiibbaafi jijjiirama weerara Minilikiin booda lafa ulfoo Oromoo Tuulamaa kan naannawaa Finfinneerratti qaqqabaa ture ibseera.

Irreecha Tulluu Cuqqaalaa

Tulluun Cuqqaalaa Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Liiban Cuqqaalaa, Magaalaa Adulaalaa cinaatti argama. Gaari kun bakkeewwan Oromoon itti irreeffatu keessaa isa tokkoofi isa beekamaadha. Gaari Cuqqaalaa gaara Oromoon irratti irreeffatu keessaa isa tokkoofi bakka seena qabeessa. Oromoon akkuma tibba birraa malkaatti irreeffate Waaqa dukkana gannaa keessaa gara booqaa birraatti isa baase galateeffatu, arfaasaa ammoo gaara irratti ba'ee Waaqni bokkaa naga akka isaaf roobsuuf kadhata.

Gaari Cuqqaalaa Tulluwwan Saddeettan (8) Caffeen Gadaa Tuulamaa Seera ulfinaa tumteef keessaa isa tokko. Tulluun Cuqqaalaa ulfoodha. Maaliif ulfoo ta'e? Sammuu isaarra Siidaa muudaa kan ujuba Nabiifi Hora qulqulluu hora irreechaatu jira kanaaf ulfoodha. Siidaan Nabii Ujuba yaadannoo abbaa Odaa Nabeeti jedhamee amanama. Akka manguddoonni jedhanitti Siidaa tulluu Cuqqaalaarra jirutti Waggaatti yeroo lama Birraafi Arfaasaa Sirni muudaa itti gaggeeffama. Yeroo adda addaatti Siidaan sun caccabsamee akka badu taasifameera.

Tulluun Cuqqaalaa ulfoodha. Sababni, ilaala Waaqaati, Waaqatti olaana, kan itti dheesse hinxuqamu. Gubbaan isaa dhallaaduu qaba, bishaan qaba, jiidha qaba, bakka Ayyaanni Waaqaa buufate jedhamee amanama. Tulluu Cuqqaalaa Tulluwwan saddeettan Waaqayyoo jedhamanii tumaa Gadaa qabaniifi ulfoo jedhamanii adda baafamanii kabajaan eegamaa turan kessaa isa tokko.

Tulluun kun mootii tulluu hundaati jedhamee ilaalama. Ayyaantuun Nabii jedhamu Tulluu kanarra jiraachaa ture jedhama. Bara dheeraaf achirra jiraachaa erga turee booda gaafa du'us achumatti awwaalame. Maqaan Odaa Nabee jedhu maqaa Ayyaantuun kanaa irraa mogga'e jedhama. Burqaa saala dubartii fakkaatutu tulluu kana irra jira.

Gaara Cuqqaalaa gubbaa haroo gurguddaa sadiitu jira. Oromoon hora kanarratti irreeffachaa ture. Weerara gita bittaa booda humnaan fudhatanii 'xabala' mana amantaa Ortodoksii yoo taasisan Tulluun sun 'gadaamii' ta'e.

Bishaan guddaa achirra jiru ajaa'absiifachuura kan ka'e ummanni naannoo akkas jedha "Nabii yaa nagahee isin barbaacha bishaan gaara bahe". Lagi haadha manaa tulluuti.

Bishaan tulluu keessaa yaa'a, tulluun burqaa jireenyaati. Bosona guddaa mukkeen akka gaattiraa, ejersa, birbirsaa, heexoo, haroossa, agamsa, hameechaof keessaa qaba.

Dur muka tulluu Cuqqaalaa irraa muruun safuufi aadmalee ture. Erga humna Minilikiin qabamee garuu ciramee qullaa dhaabbachaa jira. Muka gaaraafi tulluurra jiru muruunis dhorkaadha. Tulluu tuquun, irra qotuun, irratti ajjeesuufi waraanuun safuudha. Keessumaa mukkeen akka Ejersaa, Birbirsaa, Haroossaa tuquun hooda. Namni tulluu tuqe korma qalee adabama. Kanaafuu ummanni Oromoo safuusaa eeggachuufi seerota Sirna Gadaa kabajuufi kabachiisuu qaba jedhu.

Irreecha Gaara Furi Dullachaa

Tulluwwan Saddeettan Waaqayyoo jedhamanii naannoo Tuulamaatti beekaman keessaa Tulluun Furi isa tokko. Maaf Tulluu Furi jedhame gaaffii jedhuuf manguddoonni innaa deebisan, "Bakka Waaqa kadhatanii furmaata argatan waan ta'efi" jedhu. Bakka sana dhakaa gomboobaa hulluuqqoo jedhamutu jira. Namni dhaqee waggaa waggaa isa jala hulluuqee irreeffata. Dhagaa gomboobaa sana jala hulluuquun araara namaa buusa, cubbuurraa nama qulqulleessa jedhamee amanama.

Hulluuqqoon kun kan ummamaan jiru uumaa Waaqaati. Tulluun abbaa qabaa? Eeyyee, akkuma abbaan malkaa jiru abbaan Tulluus jira. Hojiin isaas tulluu sana eeguufi gaafa irreechiifi kadhaan Waaqaa jiru dursee saaquudha. Tulluu Furi kanatti warri dur itti bulan hindhuman. Booda warra Haadha Abbayyitu abbummaa fudhatanii gaafa Waxabajjii 2 kormaafi dullacha itti qalu.

Tulluun Furi bakka ulfoo Oromoo kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa kana bakki Hulluuqqoo jedhamuun beekamu sun ummata irraa fudhatamee buufanni raadiyoo irratti dhaabbatee jira. Ummanni gadi siqee bakkuma haftetti irreecha isaa irreeffachaa jira.

Godinaaleen Oromiyaa bakka itti Irreecha Tulluu bahan adda addaa qabu. Godina Jimmaa Taba Qollootti kabajama. "Roobii yaa Waaqayyoo, Arfaasaan rooba jaallataa" sirba Irreecha Tulluu Yeroo tulluutti bahanii kadhatan akkas jedhu. "Kan birraa ol nuuf keesse gadi nuuf deebisi, Roobi yaa Waaqayyoo ansiroon facaasaa, Roobi yaa Waaqayyoo asheetan qotadhaa, roobi yaa Waaqayyoo arfaasaan eeggadhaa, roobi yaa Waaqayyoo Arfaasaan rooba jaallataa", jedhu.

Jijjiiramaafi Ittifufiinsa Irreechaa

Weeraraan booda jaarmiyaalee Sirna

Gadaa Oromoo kan ta'an kan akka iddoo irreechaa, Caffee Tumaa (lafa Oromoon seera irratti tumatuufi Waaqeffatu) harkaa fudhatamee iddoo ijaarsa bataskaanaa, gadaamii, masaraa mootummaafi wiirtuu ajaja waraanaa booda magaalaa akka oolu taasifame. Kun kan godhamuuf akka ummanni Oromoo jila Gadaatiif walgahee aadaa isaa hinshaakalleefi dhimmoota adda addaarratti akka waliin hinmari'anneefi tokkummaa hinqabanneef itti yaadamee hojjetamaa ture.

Mootonni Shawaa gara hora kanaa deddeebi'uu yoo jalqaban, abbootii biyyaafi Qaalluu Oromoo maqaa balleessuufi akka waan mortuu ta'aniitti ummata biratti qaannessaa balaaleffachaa turan. Abbootiin amantaa Oromoo /Qaalluun/ hordoftoota ofii duratti akka saalfatan gochaa turan. Hora dhaqanii obbaafachuun suuta suutaan akka hafu godhame.

Karaa gara hora Finfinneetti geessu nicufan. Garuu, bara kam akka isa dhumaaf dhorkaman hinbeekamu. Qubannaa sana booda guutummaatti akka Oromoon hora kana bira hingenye taasifame. Har'a horri kun amala umamaan qabu dhaabee ujummoo keessa darbee tajaajila qaama dhiqachuuf oolaa jira.

Jijjiirama aadaa Waaqeffannaa Oromoorratti akka dhufuuf sababoota gumaachan keessaa warri ijoon dhiibbaa mootummaa, amantii alaa as galan, sirna kaappitaalizimii, hundaa ol weerara dhuma jaarraa 19ffaa keessa mudateedha. Loltoonni Minilik Oromoo lafa isarraa buqqisuu qofa osoo hintaane amantiin Oromoon hordofu, bulchiinsi Oromoo, ilaalchi Oromoo Waaqaafi lafaaf qabu hundi akka waan badiitti akka ilaalamu labsan. Aadaafi sirna Waaqeffannaa Oromoo hunda 'baa'id amilkoo' jedhanii maqaa itti moggaasan. Dursitootaafi hordoftoota amantii ganamaa Oromoo akka hinbarsiifneefi hinbaranne dhorkan.

Amantiileen lameen Kiristaanaafi Musliimni dhiibbaa isaan aadaafi dhugeeffannaa Oromoo ganamaa irraan gahan lakkaa'amee kan bira gahamu miti. Garuu, mee waanuma xiqqoo irraa haa ilaallu. Sirna bulchiinsa Gadaa kan hundagaleessa ta'e balleessanii sirna mootii bakka buusan.

Gama warra Musliimaan Sulxaan bakka buusan. Aadaan araaraa jaarsummaan hafee 'Shariyaan' bakka buusan. Ulfoo keenya kan Oromoon ittiin Waaqa kadhatu kan akka Kallachaa, Caaccuu, Calleefi kkf meeshaa seexanaa ykn kaafira jedhamee akka gatamu ta'e.

Kaayyoo isaanii meeshaalee ulfoo Oromoo tuffachuu, bakka Oromoon qulqulluu jedhu xiqqeessuufi harkaa gatuun kan ofii moosisuudha. Galma ayyaantuun dirree Birbirsaa Finfinnee jiru diigani bataskaana Goorgisii dhaaban. Harargee burqaafi tulluu Qullubii irratti bataskaana Garbeeli dhaaban, Baalee keessa bakka dur Karra Milkii ykn dirree muudaa jedhamu masjiida Sheekanaa Huseen dhaaban.

Kaadhimamaa Doktaraa Girmaa Namarraa, Inistiitiyuutii Qo'annoofi Qorannoo Oromootti, Qorataa Seenaafi Dursaa Garee Qorannoo Seenaa

Qarreefi Qeerroo

Jallisii Gidaaboo: Pirojektii dargaggoota hojii barbaachaaf gara magaalotaatti godaanaa turan qe'eetti deebisaa jiru

Bayyanaa Ibraahimiin

Waggoota hedduuf lafa marga malee midhaan biqilchitee hinbeekneefi ni biqilchitis jedhamee hin yaadamnetu waggoota sadeen darbanitti waggaatti yeroo lamaafi sadii omishuudhaan gumbii midhaanii ta'aa jira.

Naannawa kanaan dura gammoojjummaafi qilleensa gogaatiin miidhamee hawaasni naannawichaa biratti rakkachaa turetu yeroo ammaa abdi ta'uu bira darbee omisha achirraa argamaa jiru gara iddoowwan biraattis erguudhaan handhuura magariisummaafi omishaa ta'aa jira.

Bakkichi Godina Gujii Lixaa, Aanaa Abbayyaatti kan Argamuufi Ijaarsi hidha jallisii Gidaaboo kaka'umsa Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiin ijaarsisaa waggoota afur dura eegalameefi yeroo ammaa tajaajila kenna kan jiru yoo ta'u, keessumaa haala qilleensa naannawichaa duraan ture geeddaraa jiraachuu tibbana wayita garasitti imalletti hubanneerra.

Ijaarsi hidha Gidaaboo Aanaa Abbayyaatti qarshii biiliyoona tokkoofi miiliyoona kuma 200n kan hojjetame yemmuu ta'u, sirnakkoo naannawichaa jijjiiruudhaan yeroo ammaa hawaasni misooma jallisiin fayyadamaa akka ta'u dandeessiseera.

Waantota ijaarsaafi faayidaa pirojektii hidha jallisii Gidaaboo kana adda isa taasisan keessaa inni tokko naannolee Oromiyaafi Sidaamaatiif yeroo walfakkaataatti tajaajila misooma jallisii kennuusaati.

Kunis hariiroo ummattoota naannolee lamaanii gama dinagdeetiin jiru walitti hidhuu keessatti shoor olaanaa kan taphatu ta'uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad wayita pirojektichi eebbifametti ibsuusaanii ni yaadatama.

Pirojektichi gama Oromiyaatti lafa hektaara kuma saddeet, gama Naannoo Sidaamaatiin immoo lafa hektaara kuma shan misoomsuu akka danda'us ibsameera.

Hawaasni ganda Gololchaa jallisii Hidha Gidaaboo irraa Qamadii misoomsaa jiranis, kanaan dura jireenya horsiisaa loonii qofarratti hundaa'een jiruuf jireenyasaanii gaggeeffachaa turuu kaasanii, amma garuu mootummaan hidha jallisii Gidaaboo kana asitti ijaaruusaatiin jireenya horsiistummaarraa gara qonnaatti akka jijjiraniif kan isaan gargaare ta'uu himu.

Horsiisee bultoonni Aanaa Abbayyaa, Ganda Gololchaa kanaan dura lafti jallisii qonnaaf mijataa ta'e osoo jiruu sababa hanqina bishaaniitiif tajaajila malee ture, yeroo ammaa hidha Jallisii Gidaaboo Mootummaadhaan ijaarame irratti kilaastaraan gurmaa'uun boqqolloo haala gaariin misoomsuun dargaggootni hedduun fayyadamoo ta'aa jiraachuu Dargaggoo Duubeen ni dubbata.

Kanaan dura loon maatiisaanii tiksuufi yoo hintaane immoo gara magaalota guddoo naannawa sana jiraniitti dargageessi godaanaa ture yeroo ammaa gara qe'eesaatti deebi'udhaan carraa misooma jallisii kanatti fayyadamee waggaatti yeroo lamaafi sadii omishaa jiraachuu dargaggootni kun ni



ibsa.

Akka yaada dargaggoo kanaatti; osoo ijaarsi hidha jallisii Gidaaboo kun asitti hineegaliin dura horsiisa looniitiin ala jallisitti fayyadamanii kuduraafi muduraa omishuun hafee qonnuma roobaatiinuu boqqolloo omishachuun waan yaadamu hinturre. Hawaasni naannawichaa irra jireessaan horsiisee bulaa waan ta'ef midhaan nyaataa kan argachuu danda'u loonsaa gabaabaa karaa fagoo geessee gatii hinmalletti gurguruudhaan ture.

Kun immoo rakkoo hanqina miidhaan nyaataatiif hawaasa saaxilaa kan ture yemmuu ta'u, yeroo ammaa kana garuu erga jallisiin Gidaaboo kun hojii eegalee asaanichi dargaggoota gurmessee gara hojiitti akka galu taasisuusaatiin midhaan dur iddoo biraatii bitamee soorataaf dhihaachaa ture amma asitti omishamee gara biraattuu fe'amuu eegaleera.

Dargaggootni dhaabbilee barnoota olaanaa gara garaarraa eebbifamanii carraa hojii dhabanii turan hedduun waan jallisiin kun asitti ijaarameef kallattumaan gurmaa'anii gara omisha sanyiiwwan gara garaatti galuudhaan fayyadamaa ta'aa jiraachuusaaniitiif ani fakkeenya.

Muuxannoo waggoota sadeen darbanitti argameen omishaafi omishtummaan misooma qonnaa jallisii Gidaaboo kun yeroo yerootti dabalaa dhufuusaatiin dargaggootni naannawichaa yeroo gabaabaa keessatti akka of danda'an taasisaa jiraachuu kan himu immoo jiraataan Ganda Gololchaa Dargaggoo Kiflee Otorooti.

Dargaggoota qofaaf osoo hintaane hawaasni naannawichaa jiru hundi erga jallisiin kun achitti eegalamee kaasee jireenya fooyya'aa keessa galuu dubbata.

Deeggarsiifi hordoffiin gama ogeeyyota qonnaatiin kennamaafii jirus yeroorraa yerootti fooyya'aa dhufuusaatiin yeroo ammaa omisha fooyya'aa ta'e argachaa jiraachuu kan himu Dargaggoo Kifleen, bara darbe omisha boqqolootiin hektaarraa kuntaala 20 hanga 25 argachaa turuusaanii kaasudhaan barana immoo hektaaraan hanga kuntaala 30 argachuuf kan abdatu ta'uu ibsa.

Akka yaada Kifleetti; pirojektii jallisii kun achitti ijaaramuun gaariifi jireenya hawaasaa qabatamaadhaan fooyyessa ta'us,



sababoota hojiilee xixiqqoon hafaniif garuu bal'ina lafa misoomsuu qabuu misoomsaa hinjiru.

Akka durarratti nutti himameefi namni kamuu beekutti jallisii Gidaaboo kanaan lafti jallisii kanaan misoomuu danda'u hedduu bal'aa akka ta'e ture. Yeroo ammaa kanatti garuu lafti jallisii kanaan misoomaa jiru hamma danda'amu gadi ta'uu warri aanaafi godinaas nibeeku.

Kana waan ta'ef lafa bal'aa nannawa kanatti argamu hunda jallisidhaan misoomsuun akka danda'amuuf osoo hojiiwwan xixiqqoo hafan si'aayinaan nuu xumuranii dargaggootniifi hawaasni naannawichaa faayidaa caaluu kan argatu waan ta'ef osoo ittiyaadamee ergaa jedhu qaba.

Obbo Tukee Annaa Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa Godina Gujii Lixaa yemmuu ta'an, projektiin jallisii Gidaaboo kun naannawichatti ijaaramuusaatiin faayidaan hawaasni irraa argatu akka caalaatti dabaluuf jallisichi humna guutuun akka hojjatuuf hojii babal'inaa kan hojjatamu ta'uu ibsu.

Hanga ammaattis bal'inni lafa jallisii hidha Gidaaboo kanaan omishamaa jiruu humna hidhichi misoomsuu danda'uun gadi ta'uu kaasanii, hojiin babal'inaafi lafti dabalataa akka jallisii kanaan misoomu

taasisu ittifuufsaan kan hojjatamu ta'uus nidubbatu.

Akka ibsasaaniitti; qonna arfaasaatiin godinichatti lafa hektaara 286,594 midhaanota akaakuuwwan adda addaan misoomaa kan jiru yemmuu ta'u, kanneen keessaa boqqolloon lafa hektaara 127,988 ta'urratti misoomaa jira.

Gujjiitti yeroo ammaatti horsiisee bultoonni godinaasaanii nageenya isaanii eeggachaa hojii horsiisaatti dabalataan hojii qonnaas lafa babal'aarratti kilaastaraan gaggeessuun fayyadamoo ta'aa jiru.

Aanaa Abbayyaatti Horsiisee bultoonni kanaan dura horsiisa beeyladaa qofa hojjechaa turan yeroo ammaa jallisii laga Gidaabootiin boqqolloofi qamadii misoomsuun fayyadamoo ta'aa kan jiran yoo ta'u, yeroo ammaa kilaastarii boqqolloo lafa hektaara 1751 irratti dargaggoota dabalatee horsiisee bultoota 1350 ta'aniin misoomaa jira.

Daandiin Aanaa Abbayyaafi Naannoo Itoophiyaa Kibbaa walqunnamsiisu Abbayyaa Nachi Saar kiiloo meetirri 71.5 qarshii miiliyoona 326 oliin hojjatames rakkoo daandii naannawichaa furuu cinaatti walitti dhufeenyaafi misoomaan walitti hidhamuu ummattoota naannolee lamaaniitiif shoor guddaa bahachaa jira.

Abbaa Sa'aa

“Dinagdeen keenya qoramus ji'oota 11 keessatti galiin dhibbanta 96 sassaabameera; 'GDP'n biyyattiis dachaa shaniin guddateera”

- Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)

Waasihun Takileetiin

Biyya warraaqsa siyaasaan, hanna, saamicha, ukkaamsaa gibiraafi taaks'iin dhidhima dinagdee keessa seente halkan tokkotti bayyanachiisuunkan hindanda'anne ta'us tarkaanfiilee jajjaboo mootummaan haaromsaa gama maraan fudhateen bu'aalee jajjabeessoon galmaa'aniiru. Bu'aalee jajjabeessoon galmaa'anis biyyattiin balaa namtolcheefi uumamaatiin qormaata keessa turteetti.

Toora xiyyeeffannoo sadarkaa olaanaa hanga dakaatti kennamee hojiitti seenameen barana galii biliyoona 529 sassaabuuf karoorfame keessaa biliyoonni 466 ol ykn dhibbantaan 96 sassaabamuu Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad kaasaniiru.

Doktor Abiyyi Ahmed gaaffilee Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarraa isaaniif dhiyaataniif deebii kan kennan yoo ta'u, dhimmi dinagdee isa ijoo ture.

Haaluma kanaan dinagdeen biyyattii rakkoolee namtolcheefi uumamaa ishee mudateen qoramaa turuu kaasanii, dabalataanis idaan achii as gangalachaa dhufes hudhaa dabalataa itti ta'eera.

Idaan liqaa biyya alaafi kan biyya keessaas walitti ida'amuun pirojektonni keenya qormaata keessa akka seenan kan taasisan ta'uullee kaasanii, biyyattii dandamachiisuuf tarkaanfiilee jajjaboon dinagdee biyyattii humneessuuf gama qonnaatiin fudhatamaa jiran fakkeenyummaan kan ka'aniidha.

Keessumaa idaa mootummoota darbaniin gangalachaa as gahe dhibbanta 17.5n gadi buusuun kan danda'ame yoo ta'u, kunis abdiin kan namatti horuudha.

Tarkaanfii idaa bubbule deebisuurratti fudhatamaa jiru kana bara bajataa dhufutti gara dhibbanta 10tti gadibuusuuf humna guutuun hojjetamaa jira.

Liqa biyyarra jiru kaffaluun pirojektonni keenya yeroo qabameef keessatti akka xumuraman baasii dabalataatiin akka hingufanne qulqullinaan galman ga'anii madda dinagdee ta'uu akka dandaa'aniif hojjechuun dirqama.

Idaan biyya keenayarra jiru biliyoona kudhani. Idaan kaleessaa gangalachaa dhaloota ammaatti darbe kun dhaloota dhufutti akka hindabarreef cichoominaan hojjechuun murteessaadha. Kanaafis qonna keenya ammayyeessuun omishaafi omishtummaa keenya dachaa dabaluu furmaata ijoodha.

Walwaraansi akka biyyatti Itoophiyaa qoraa ture gaaga'ama dinagdee qaqqabsiisuun gatii himmalle nukaffalchiiseera. Kun dhaabachuu qaba. Ijaaruun ulfaataadha. Diiguun salphaadha. Kanaaf qabeenya qabnu haalaan fayyadamnee hojjennee biyya keenya badhaadhinatti baasuuf darbees dhaloonni egeree hiyyummaa akka hindhaalleef ittigaafatamummaa keenya bahachuun murteessaadha.



Gama biraan amanamummaan gibiraafi taaksii kaffalee biyyasaa ijaaraa kan deemu akkuma jiru alseerummaan daldala kontirobaandii, galii gibiraafi taaksii miliqsuus hudhaalee dinagdee biyya keenya booddeetti harkisaa jiran keessaa isaan biroodha.

Kan hojjetanii argatanirraa gibiraafi taaksii amanamummaan kaffaluun dirqama lammummaa yoo ta'u, miliqsuuf yaaliin taasifamu garuu hanna biyya duubatti deebisuufi dhabamsiifamuu qabuudha.

Bu'aalee misooma qonnaa alergiif oolan dachaa dabaluu qofti gahaa miti. Haaluma kanaan sona itti dabaluu sharafa alaa adda ta'e argamsiisuun dinagdee biyyaa olkaasuuf hojjechuun dhimma murteessaadha.

Lammiilee Itoophiyaa miliyoona dhibbaa ol keessaa dhibbantaan 70 dargaggootaan kan guutame yoo ta'u, humna dargaggootaa kana faayidaarra oolchuun dinagdeetti jijjiiruun dhimma filannoo hinqabnedha.

Akka biyyaatti rakkoo dinagdee Itoophiyaa gaaga'aa ture gara carraatti jijjiiruun miira ofitti amanamummaa dinagdeen of ijaaru qamadii alaa galchuurraa gara alatti erguutti cehuun jijjiiramoota qormaata keessatti galmaa'anidha.

Tarkaanfiin gama qonnaatiin fudhatame daran jajjabeessaafi eeggattummaa maqsuu keessatti bakka olaanaa kan qabu ta'ee argamuusaan naannolee hunda keessatti hirkattummaa roobaa jalaa bahuun aadaan waggaatti lama omishuu akka gabbatu ta'eera.

Aadaan kun gabbataa deemuun omishaafi omishtummaa keenyarraa galiin waggaan

egamu dachaan akka dabaluu kan taasisu yoo ta'u, wabii midhaan nyaataan of danda'uurra darbuun gabaa tasgabbeessuu, sharafa alaa argamsiisuufis bu'aa kan buusuudha.

Qaala'insa gatii gabaa biyya keenya raasaa ture tasgabbeessuuf tarkaanfii fudhatameen dhibbanta 30 irraa gara 25tti gadi buusuun kan danda'ame yoo ta'u, dhiyeessii barbaachisaan gidduseentummaa daldaloota seeraan alarraa bilisa gochuun gabaa tasgabbeessuun danda'ameera.

Itoophiyaan qabeenya uumamaa gahaa qabdi. Kana teknolojiin deeggaramtee yoo misoomsite galiishii olguddisuun dargaggootaafillee carraa hojii uumuun nidanda'ama. Dinagdeen biyyaa fooyya'uun lammiileen jiruufi jireenyaan akka humna'an kan taasisu yoo ta'u, turtii waggoota shanii as dinagdeen Itoophiyaa dachaa shaniin guddateera.

Akka Afrikaa Bahaatti yoo fudhannee ilaalle galii 'GDP' allergii omisha biyya keessaarraa argamuun kan biyyoota shanii ida'amee kan Itoophiyaa hingitu. Imalli jijjiiramaa biyyattii qormaata mudatan qolachaa injifannoo guguddaa galmeessisaa jiraachuusaaf agarsiistuu guddaadha.

Jijjiirama dinagdee galmaa'aa jiru hordofuun lakkoofsi baankiilee Itoophiyaa 17 irraa gara 32tti guddachuu danda'eera. Dameeleen baankii 5400 turanis gara 12800tti kan guddatan yoo ta'u, aadaan qusannaa gabbatee ammaan tana barruun qusannaa miliyoona 38 ture gara miliyoona 100tti guddateera.

Aadaan qusannaa gabbate jechuun kan argatanirraa olkeewwachaa deemuun

dinagdeen ofiifi biyyaa akka humna'u eeggattummaan akka hir'atu taasisuurra darbee imala badhaadhinnaa biyya badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuuf qabatamee ka'e milkeessuu keessatti bakka olaanaa kan qabudha.

Kana cinaatti bu'aaleen qormaata keessa ta'amee galmaahaa jiran akkuma jiranitti ta'ee baasii Itoophiyaan qabdu fudhannee yoo ilaalle boba'aaf biliyoona 4, bittaa xaa'oof doolaara biliyoona 1, kaffaltii liqaaaf doolaara biliyoona lama. Gama galii alergiin fudhannee yoo ilaalle kan waggaa darberra guddina dhibbanta afurii galmeessisuun danda'ameera.

Galii remitaansiirraa doolaarri biliyoona 6.5 kan argame yoo ta'u, akkaataa barbaadameen galiin akka hinsassaabamne maniin jijjiirama dinagdee akka gufatu hudhaalee taasisan keessaa kontirobaandiin, gibira taaksiifi galii milqsuun, daldala waliin dhahuun kanneen ijoofi irratti hojjetamuu qabaniidha.

Lammiileen Itoophiyaa ammaan kana naannawaa miliyoona 120 kan qaqqaban yoo ta'u, fedhii lammiilee kanneenii guutuuf namoota dhuunfaafi dhaabbilee garagaraa kuma 64 irraa gibira sassaabnee hojjetaa jirra.

Kun waan ta'eef gibiraafi taaksii osoo waliin hindhahiin amanamummaan kaffaluun dinagdee lammiilee keenyaafi kan biyyaa fooyyeessuu waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuufii qaba.

Haalota namtolcheefi uumamaa dinagdeen addunyaa ittiqoramaa ture keessatti taateewwan kanneeniif osoo hinjilbeeffatiin Itoophiyaan xiyyeeffannoo kennitee hojjechuusheen jijjiiramniifi guddinni dinagdee galmaa'e ajaa'ibsiisaadha.

Haaluma kanaan imala Itoophiyaa badhaate ijaaruu eegalame keessatti GDP biyya keessaa dachaa dabaluu warraaqsi dinagdee misooma qonnaatiin eegalame cimuu akka qabu hirkattummaa roobaa jalaa bahuun aadaan waggaatti al lama oomishuu akka gabbatu, hojii barbaaduura aadaan hojii uummachuu akka gabbatu taasisuun furtuulee murteessoodha.

Haaluma kanaan bara bajataa 2017f bajanni biyyattii qarshii biliyoona 971.2 ta'ee kan ragga'e yoo ta'u, qisaasa'ama tokko malee ergama ramadameef haaalaan ooluun biyya badhaate biyya hiyyummi itti seenaa ta'e dhaloota dhufuuf dabarsuuf hunduu hojjechuu qaba.

Walumaagalatti Itoophiyaan qormaatilee namtolcheefi uumamaa dinagdee addunyaa qoraniin qoramaa haalotaafi gufuuwwan mudataniin osoo duubatti hindeebi'iin idaa kaffalaa, pirojektoota eegalaman xumuraa, magaaloota Ismaartii ta'an ijaaraa, GDP ishii guddisaa imala gaariirra biyya jirtu waan taateef dhaabbileen, abbootiin qabeenyaas investimantii gara garaa babal'isuun biyya badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuuf tumsuun irraa eegama.

ODUU

“Cimani hojjetanii gargaaramtummaa jalaa bahanii jiraachuun kabaja guddaadha”

- Paastar Zarihuun Dagguu

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Gargaartummaan Itoophiyaaf kan hin malle birmadummaasheettis kan bu'udha. Biyyattiin haala qilleensaa mijataa, qabeenya lafa qonnaa, albuudawwan bishaaniifi humna namaa gahaa utuu qabduu gargaaramtummaa jalatti kufuu hinqabdu. Biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf mootummaan kallattii kaa'ee hojiitti seeneera. Karooricha milkeessuuf carraawwan qabnu hundumaatti fayyadamuun omishaafi omishtummaa guddisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira.

Miseensa Gumii Jaarsolii Biyyaafi Barreessaa Duraanii Gumii Dhaabbilee Amantaa Itoophiyaa kan ta'an Paastar Zarihuun Dagguu Gaazexaa Bariisaatti akka himanitti, biyya lalistuu, ji'a 13 aduu argattu, haala qilleensaa mijataa qabduufi qabeenya bishaaniifi lafa qonnaa bal'aa qabdu utuu qabnuu rakkachuufi beela'uun keenya qaaniidha. Hiyyummaa, gargaartummaafi hirkatummaa jalaa ba'uuf damee hojii irratti hirmaannerratti jabaannee hojjechuu qabna. Daandiin hiyyummaafi hirkattummaa jalaa ittiin baanu jabaannee hojjechuu qofaani jedhu.

Utuu hinhojjetin nyaachuu amantiin jajjabeessu tokkoyyuu hinjiru kan jedhan Paastar Zarihuun; kanaafuu namni hojjechuu danda'u hundi amanamummaan jabaatee hojjechuu qaba. Maatiinis ijoolleen hojii baranii akka guddatan taasisuu qabu. Abbootiin amantiis barsiisa amanti idileetiin ala gargaaramtummaan qaani ta'uufi jabaatanii hojjechuun gargaaramtummaa jalaa ba'uun barbaachisaa ta'uu barsiisuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Namni kamiyyuu utuu hojjechuu danda'u maatii ykn qaama biraa irratti hirkatee jiraachuu hinqabu kan jedhan Paastar Zarihuun, gargaaramuun kan qabu nama fayyaa



Paastar Zarihuun Dagguu

hinqabneefi tasumaa hojjechuu hindandeenye qofa. Kan akkasii gargaaruun dirqama amantiifi lammummaa bahachuudha jedhu.

Namni har'a utuu humna qabuu hin hojjenne bor yeroo humni isa ganu daandiirratti kufee harka namaa eeggachuuf dirqama waan ta'eef yeroo humna qabanitti hojjetanii galaa borii kuufachuun barbaachisaadha. Yeroo ammaa qaala'insa jireenyaan walqabatee namni ofisaarra darbee nama biraa gargaaruun itti cimaa jira. Namni nama gargaarus du'uu ykn nuffuu waan danda'uuf cimani hojjetanii of danda'anii jiraachuun barbaachisaa ta'uu himu.

Dargaggoonni carraa hojii argame hundumaatti fayyadamuun cimani hojjetanii ofisaanii, maatiifi biyya isaanii hiyyummaa keessaa baasuu akka qaban yaadachiisani, cimani hojjetanii gargaaramtummaa jalaa bahanii jiraachuun kabaja gudda ta'uus himaniiru.

Barreessaa Gumii Abbootii Gadaafi Abbaan Gadaa Tuulamaa, Goobana Hoolaa akka jedhanitti, gargaaramtummaan kabajaafi birmadummaa biyyaatti bu'a waan ta'eef gargaaramtummaa jalaa ba'uuf jabaannee hojjennee omishaafi omishtummaa keenya



Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa

guddisuurratti xiyyeeffannee hojjechuu qabna. Carraawwan misoomaa biyyattiin qabdu hundatti fayyadamuun biyya keenya gargaaramtummaa jalaa baasuun dhaloota dhufu biyya badhaate dhaalchisuu qabna jedhu.

Dargaggoonni carraawwan hojii argame hundumaatti fayyadamanii hojjetanii ofiifi biyyasaanii jijjiiruu keessatti gahee olaanaa kan qaban ta'uu himanii, sadarkaa maatiittis gargaaramtummaa jalaa ba'uuf wabii nyaataa mirkaneessuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira. Mootummaanis biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf kallattii kaa'ee hojiilee misoomaa gara garaa hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Miseensa Gumii Haadhoolii Siinqee kan ta'an, Haati Siinqee Saaraa Duubee akka jedhanitti, jalqabumaayyuu aadaafi duudhaa keenya ganamaa irraa maquu keenyatu gargaaramtummaaf nu saaxile. Duudhaalee Oromoon namni tokko akka dinagdeen of danda'uuf itti fayyadamaa ture keessaa tokko handhuuraadha. Handhuuraa jechuun jabbii (waatii) loon gaafa ilmi (intalli) dhalatu ykn dhalattu kennamuufiidha. Handhuuraan



Haadha Siinqee Saaraa Duubee

daa'ima dhalateef kennamu sun hanga daa'imni sun guddatee itti fayyadamu eegaltuutti jalaa hingurguramu, nama biraatiifis dabarfamtee kan hinkennamne ta'uu himu.

Aadaa qusannaafi hormaataa keenya ganamaarraa maquun akka nama dhuuftaattis ta'e biyyaatti gargaaramtummaaf nu saaxileera kan jedhan haati Siinqee kun, tattaaffii mootummaan waggoota shan darbanii as omishaafi omishtummaa biyya keessaa guddisuun biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf taasisaa jiru garuu dinqisiifatu qaba. Kallattiin mootummaan yeroo ammaa biyyattii gargaaramtummaa jalaa baasuuf kaa'ee hojiirra oolchaa jirus kan jajjabeeffamu qabu ta'uus eeraniiru.

Namni ofii gaafa rakkataasaa gargaaru akka inni of danda'ee jiraachuu danda'utti gargaara kan jedhan haati Siinqee kun, alagaan garuu yeroo biraas akka itti deebitee isa kadhattutti si gargaara. Gaafa deddeebitee isa kadhattu immoo waan xiqqaa siif kennee waan guddaa sidhabsiisuu barbaada. Akka biyyaattis ta'e nama dhuunfaatti gargaaramtummaa jalaa bahanii of danda'anii jiraachuun kabaja jedhu.

“Misoomni kooridarii injifannoo hunda...”

38 waliin mari'atamee hojiitti seename. Yeroo ammaa kana isaan keessaa muraasni yaalanis baay'eensaani hojii keessa galuu hindandeenye. Ta'us hundaaf muuxannoo akka ta'utti ji'a sadii booda akka daawwatan ni taasisama.

Dhoksaan milkaa'ina ijaarsa pirojektota si'anaa hordoffiidha. Kun ta'uu baannaan akkuma gabaasa sobaa ta'uun bakka akka qabu himanii; pirojektiin walitti dhiyeenya

karooraa, hordofuufi raawwii qabaachuu qaba. Haala kanaan hojiin misooma koridarii hanga ammaatti Finfinneetti hojjetameen lammiilee hedduuf carraa hojii uumeera, tooftaan jireenya namootaa daran jijjiireera. Bakka magariisa lammiileen hunduu itti bashannanu ta'eera jedhan.

Haa ta'u garuu, wayita hojiin misoomichaa eegalameetti hunda biratti jaalatamaa akka hinturre himanii; namootni tokko tokko ofii

jaalatamanii mootummaa jibbamaa taasisuuf manni kun akka diigamuuf mootummaan ajajeera jechuun yaaliiwwan hedduun taasisfamaniiru.

Ta'us ka'umsi misooma koridarii maal akka ta'e, maaliif akka gaggeeffamu jiraattotni magaalaa Finfinneefi ummatni Itoophiyaa waan hubateef akka isaan yaadan hintaane jedhan.

Raayyaa Ittisa Biyyaa, Miseensa Mana Maree


Bakka Bu'oottaa osoo hinjedhin bu'aa hundaaf hojjetame. Finfinneen haala kanaan waggoota shan utuu ittihojjetamne magaalaa akkamii akka taatu tilmaamuun gaariidha jedhaniiru.

Xumurarratti hojiin hojjetame jalqabbiinsaa gaarii ta'us hojii hojjetame jajaa, kan baay'ee nu hafu hubachaa kana caalaa akka hojjetamuuf manni marichaa dhiibbaa akka uumuuf gaafataniiru.

Bajanni Itoophiyaa...

170n caalmaa qaba. Bajatni kun dhimmoota garagaraaf kan qoodame yoo ta'u, qarshiin biliyoona 451 bajata idilee mootummaa federaalaa, qarshiin biliyoonni 283.2 bajata kaappitaalaa, qarshiin biliyoonni 286.7 deeggarsa mootummoota naannoleefi bulchiinsota magaalaa lamaaniif ramadameera.

Daballiin bajatichaa dinagdee maakroo tasgabbeessuu keessatti shoora olaanaa qabaachuu himanii; bu'uuraalee misoomaa manca'an bakka turanitti deebisuuf, hirpha dhimmoota garagaraaf, pirojektoota eegalaman xumursiisuufi dhimmoota seeftineetii biyyalessaa milkeessuu keessatti gaheensaa olaanaa ta'uus ibsaniiru. Manni marichaa bajata dhiyaate kanarratti mari'achuun sagalee guutuun raggaasiseera.





Fiigicha, "Nageenyi Hundaaf, Hundis Nageenyaaf" boru Magaalaa Ambootti

Finfinnee: Fiigichi mataduree Nageenyi hundaaf, Hundis Nageenyaaf jedhuun sadarkaa Naannoo Oromiyaatti boru akka gaggeeffamu Biiron Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa ibse.

Daarektarii kominikeeshinii biirichaa Obbo Buzaayyoo Taklee ibsa dhimmicha ilaalchisuun dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, fiigichi kun sadarkaa Oromiyaatti Magaalaa Ambootti adeemsifama; qophiin xumameera.

Kaayyoon fiigicha kanaa hawaasni abbaa nagaa ta'uu hubatee nageenya naannoosaa ittifuinsaan akka eeguufi hojii nageenya mirkaneessurrattis gaheesaa akka bahu gochuuf ta'uu ibsaniiru.

Sochiin ispoortiin tokko tokkoon namaa qaama cimaa, sammuu ifaa, horataafi kkf akka qabaatu gochuu maddiitti jaalala, tokkummaa obbolummaafi walittidhufenya jabeessuufis meeshaa guddaa ta'uu Obbo Buzaayyoon eeraniiru.

Fiigicha kanarratti atileetonni beekamoon akka hirmaatanis Obbo Buzaayyoon eeranii, atileetonni Shawaa Lixaafi godinaalee ollaa, barattoonni Yunivarsitii Amboo, kutaaleen hawaasa adda addaa, gareewwan fayyaa ispoortii faan ni hirmaatu jedhaniiru.

Fiigicha kanarratti hirmaattotni kuma shanii ol kan qooda fudhatan ta'uus himanii, fiigichi kun walta'iinsa Ministeera Nageenyaa, Biiroo Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa, Biiroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyaa, Bulchiinsa Godina Shawaa Lixaafi Magaalaa Amboottiin qophaa'uu beeksaniiru.

Tapha kubbaa miilaa garee Ministira Muummeefi Urjiiwwan durii Afrikaafi akeekasaa

Finfinnee: Itoophiyaan waancaa kubbaa miilaa Afrikaa Misiraafi Sudaan wajjin qopheessuun biyyoota bu'uura kaa'an keessaa takka ta'uunshee nibeekama.

Ummannishee jaalataa ispoortii kubbaa miilaa ta'uudhaan beekamus waancaa kana yeroo sadiif qopheessuudhaan waancaa 3ffaa Finfinneetti keessummeesite mo'achuudhaan hambifachuunshees kan yaadatamuudha.

Waancaan kun ALA bara 1957 jalqabamee waggaa waggaa magaalota biyyoota miseensota konfedereeshinii kubbaa miilaa Afrikaatti osoo addaan hincitin waggoota 67f adeemsifameera. Waggoota kanneenitti Itoophiyaan carraa hirmaannaa kan argatte yeroo 13 qofa.

Biyyi waancaa kubbaa miilaa Afrikaa hundeesite tun yeroo dheeradhaaf walmorkii kanarraa fagaachuusheetti ummataafi mootummaashee biratti gaabbii uumaa tureera.

Kanumarraa kan ka'e Mootummaan Itoophiyaa keessumaa Doktor Abiyyi Ahmad tapha waancaa Afrikaa ALA bara 2029 Itoophiyaan akka qopheessituuf gaaffii dhiyeessuurraa kaasee milkaa'inasatiif xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjechaa jiru.


Tibbanas taphattoonni beekamoofi urjii Afrikaa kilaboota Awuroppaatiif taphachaa turan kanneen akka Niwaanikoo Kaanuu, Daani'eel Amookaachii, Taaribuu Weestiifi Kaamaaraafaan Itoophiyaatti turtii taasisaniiru. Isaanis kkf turan.

Sababiin taphattoonni kunniin Finfinnee dhufaniif waancaa kubbaa miilaa Afrikaa ALA waggoota shan booda ALA bara 2029 qopheessuuf gaaffii Itoophiyaan Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa ("CAF") ambaasaadardummaan tajaajilaa waan jiraniif dhiibbaa akka uumaniif Ministira Muumme Doktor Abiyyi Ahmadiin affeeramaniiti.

Taphattoonni kunneen Dilbata darbe garee Ministira Muummeefi **taphattoota duraanii biyyaalessaa Itoophiyaa faana** walmorkii kubbaa miilaa taasifachuudhaan gareen Ministira Muumme 6-4n mo'ateera.

Taphattoonni urjii Afrikaa kunneen sochii misoomaa yeroo ammaa Itoophiyaatti taasifamaa jiru daawwachuudhaanis ittigammadu ibsaniiru.

Mul'ata Ministirri Muumme Doktor Abiyyi Ahmad misoomaa Itoophiyaaf qabaniifi sochii isaan taasisaa jiran dinqisiifachuudhaan gama maraanuu isaan maddii



dhaabachuu akka barbaadan waadaa galaniiru.

Tapha waancichaa keessummeessuuf iddoowwan oolmaa ispoortii (istaadiyoomota) ammayyaa ijaarun, bu'uuraalee misoomaa adda addaa magaalota guddootatti babaldhisuun, keessumaa hoteelota, iddoowwan bashannanaa, hawwata turiizimii, tajaajila geejibaafi kkf babal'achaa jiraachuu urjiiwwan kunneen hubachuu muldhisaniiru.

Qophiilee kubbaa miilaa akkaakuuwwan ispoortii adda addaa maddiitti Itoophiyaan biyya filatamtu akka taatu waantota baay'etu ishee eeggata. Finfinneetti baldhinaan kan jalqabame misoomni koridarii magaalota kaanittis ittifufuu qaba jedhan.

Itoophiyaan addunyaa ispoortii atileetiksiirratti keessumaa olmpikii ammayyaatti yeroo jalqabaaf meedaaliyaa warqii argachuudhaan Afrikaanota kan bomsisteedha. Kubbaa miilaatiinis akka dabalamuuf bu'uuraaleen misoomaa hojjetamaa jiran agarsiisuudha jedhan.

"Shawaa Bahaatti makaanaayzeeshiniin qonnaa % 85n ..."

Bariisaa: Biqiltuulee nyaataafi alergiif oolan kan xiyyeeffannoon kennameefi hojjetamaa jiru kam fa'i?

Obbo Masfin: Fuduraalee akka avokaadoo, giishxaa, teemiraafaa eeruun nidanda'ama.

Bariisaa: Hariiroo obbolummaa godinaalee, naannoleefi biyyoota Afrikaa gidduu jiru cimsuuf kanamalees ilaalcha qe'eenkee qe'ekooti jedhuun biyya magariituu dhaloota dhufuuf dabarsuuf sochiin duula dhaabbii biqiltuu daangaa darbaaf qophaa'ummaan jiru maal fakkaata?

Obbo Masfin: Godinni keenya haaluma kanaan dura baratameen ofirra darbee godinaalee biraa, naannoleefi biyyoota Afrikaa Bahaatiif deggersa dhaabbii biqiltuu daangaa darbaa gaggeessuuf qophii gahaa taasisaera.

Kanaan dura naannoorra darbuun biyyoota akka Ertiraa, Jibuutii, Sumaaleef biqiltuulee

gara garaa dhiyeessineerra baranaa gahee nuu ramadame bahachuuf gamanumaa qophii xumurreera.

Bariisaa: Omishaafi omishtummaan dachaan akka dabaluufta aadaan waggaafti lama omishuu akka godina keessaniitti jiru maal fakkaata?

Obbo Masfin: Omishaafi omishtummaa dachaan dabaluufta hirkattummaa rooba jalaa bahuun tarkaanfii ijoo ture. Bu'uuruma kanaan misoomni jallsii ykn aadaan waggaafti lama omishuu akka cimuu ta'eera.

Akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle qamadii alergiif dhiyaate keessaa misoomaa jallsiin kan argame olaanaadha. Aadaan waggaafti lama omishuu kun cimuu omishni keenya dachaan akka dabaluufta; nyaatarra darbees gabaa alergiif akka oolu ta'eera. Tarkaanfii kun ammallee cimaa ittifufa.

Bariisaa: Qonna ammayyaa'uun walqabatee fedhiin guddistuu callaafi galteewwan qonnaa dabalaa jira. Kanarraa kan ka'e akka hanqinni jiru komiin nika'a. Hudhaa kana furuuf furmaanni kaa'ame jiraa?

Obbo Masfin: Bu'aan omishaafi omishtummaan galmaa'aa jiru quufsaafi dabalani akka misoomsaniif kan nama kakaasuudha, fedhiin galteewwan qonnaas kanarraa kan ka'e dabalaa waan jiruuf kan raabsame yeroodhaan qonnaan bulaa harka akka ga'u taasisneerra.

Bakkeewwan hanqinni itti mudatettimmoo mala aadaatiin kompostii qopheeffachuun fayyadamummaasaanii akka mirkaneffatan taasisaa jirra. Gama kanaan hordoffiif deggersa hojjetaan misoomaa keenya taasisaa jiru kan jajjabeeffamuu malu yoo ta'u, callaan gama kanaan argamus quufsaadha jechuun nidanda'ama.

Bariisaa: Akka godina keessaniitti jijjiirama omishaafi omishtummaa misoomaa qonnaarratti argamaa jirurraa maaltu baratama?

Obbo Masfin: Cichinee yoo hojjenne jijjiiramuun, dinagdeen ga'oomuun, wabii midhaan nyaataatiin of danda'uun, nyaata madaalawaan ijoollee ofii guddisuun kanamalees sharaa alaa argamsiisuun akka danda'amu qabatamaan argineerra. Kunimmoo ammas daddaballee yoo hojjenne dirree badhaadhinaatti akka baanu, biyya badhaates dhaloota dhufuuf dabarsuu akka dandeenyuuf agarsiistuu guddaadha.

Bariisaa: Ibsa bal'aa nuu kennitaniif guddaa galatoomaa.

Obbo Masfin: Isinillee sochii qonnaan bulaan keenya itti jiru sakatta'uun ummata biraan nuu gahuu keessaniif galatoomaa.